

Waggaa 27<sup>ffaa</sup> ..... Lak. ....1/2011  
 ፳፯ኛ ዓመት..... ቁጥር.....፲፩/፪ሺ፲፩  
 27<sup>th</sup>year ..... No. .... 1/2018



Finfinnee.....Bitootessa 15 Bara 2009  
 ፊንቤቤ፣ .....መጋቢት 15 ቀን ፪ሺ፱ ዓ.ም  
 Finfine,.....March 22, 2017

# MAGALATA OROMIYAA

## L μ E p % Z Më ;

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ..... Qarshii 21.60 የአገሪቱ " ብ ..... ብር 21.60 Unit Price ..... Birr 21.60	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe I%ZMë፣ ብሔራዊ EGF" i L ገ R r በጨፌ ኦሮሚያ ግንባታ ፎንድ »	Lak. S. Poostaa ..... 21383-1000 ፎ.ባ.ደ.፣ .....21383-1000 P.O.Box ..... 21383-1000
--	---	---

<b>QABIYYEE</b> <b>Dambii Lakk. 191/2009</b> Dambii Lakk. 191/2009 Dambii Ittiin Bulmaata Poolisii Oromiyaa Lakk. 32/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe .....Fuula 1	<b>ማዕጫ</b> <b>ደንብ ቁጥር ፻፲፩/፳፻፱</b> ደንብ ቁጥር ፻፲፩/፳፻፱ የኦሮሚያ ፖሊስ መተዳደሪያ ደንብ ቁጥር ፴፪/፲፱፻፺፭ ለማሻሻል የወጣ ደንብ .....ገጽ ፩	<b>CONTENT</b> <b>Regulation No. 191/2017.</b> Regulation No. 191/2017, A Regulation to Amend Oromia Police Administration Regulation No. 32/2003 .....Page 1
--	---	---

Dambii Lakk. 191/2009 Dambii Ittiin Bulmaata Poolisii Oromiyaa Lakk. 32/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe	<b>ደንብ ቁጥር ፻፲፩/፳፻፱</b> የኦሮሚያ ፖሊስ መተዳደሪያ ደንብ ቁጥር ፴፪/፲፱፻፺፭ ለማሻሻል የወጣ ደንብ	Regulation No. 191/2017, A Regulation to Amend Oromia Police Administration Regulation No. 32/2003
--	---	--

Miseensonni Poolisii Komishinii Poolisii Naannichaa mirgaa fi dirqama isaanii beekanii hojii isaanii haalla iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabuun akka raawwatan taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Dambiin kanaan dura hojiirra jiru sadarkaa guddina hawaas-diinagdee amma irra gahamee fi rii-foormiiwwan gaggeeffamaa jiran waliin akkaataa walsimuu fi mirgaa fi dirqama miseensaa bifa ifa ta'een akka ofkeessatti qabachuu danda'utti fooyyeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

የክልሉ ፖሊስ ኮሚሽን የፖሊስ አባላት መብትና ግዴታቸውን በማወቅ ተግባራቸውን በግልፅና ተጠያቂነት ባለው መልኩ እንዲያከናውኑ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ከዚህ በፊት ሥራ ላይ ያለው ደንብ አሁን ከተደረሰበት ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ እድገትና እየተካሄዱ ካሉት ሪፎርሞች ጋር በተጣጣመ ሁኔታና የአባሉን መብትና ግዴታ ግልፅ በሆነ መልኩ ማካተት እንድትችል ማሻሻል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

WHEREAS, it is found necessary to enable members of the police Commission of the region discharge their duty transparently and in an accountable ways knowing their rights and responsibilities;

WHEREAS, it is found necessary to amend the existing Regulation in a way compatible with the presently attained socio-economic growth and with the reforms being implemented and in a manner that can address the rights and obligations of the members clearly;

Akkaataa Labsii Lakk. 199/2008 keewwata 74 (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

1. **Mata Duree Gabaabaa**  
Dambiin kun “Dambii Lakk. 191/2009 Dambii Ittiin Bulmaata Poolisii Oromiyaa Lakk. 32/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe” jedhamee waamamuu ni danda’aa.

2. **Hiika**  
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuf yoo ta’e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) “Barumsa” jechuun sadarkaa tokkoffaa irraa eegalee dhaabbilee barnootaa beekamtii qabaniin kan kennamu dha.
- 2) “Dhaabbata Yaalaa” jechuun Hospitaala Poolisii fi kilinikii Poolisiidhaaf tajaajila yaalaa kennuu fi mana yaalaa kan biroos jechuu dha.
- 3) “Dirqama Addaa” jechuun Qondalaa yookiin miseensa Poolisii hojii idilee isaa irratti dirqama biyya keessaa yookiin biyya alaatti yeroo murtaa’eef ergama mootummaatiif ergaman jechuu dha.
- 4) “Faayidaa” jechuun haala adda ta’een mootummaa fi Komishinichaan murtaa’ee kan miseensoota Poolisiitiif kennamu yookiin kaffalamu jechuudha.
- 5) “Gaggeessaa Tarsiimo’aa” jechuun qondaala o’anaa Gonfoon isaa Gargaaraa Komishinara hanga Komishinaraatti jiru jechuudha.
- 6) “Gonfoo” jechuun sadarkaa gonfoo Konistaabilii hanga Komishinaraatti jiru jechuudha.

በአዋጅ ቁጥር ፻፺፱/፪ሺ፰ አንቀፅ ፸፬ (፪) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል።

**ክፍል አንድ**

**ጠቅላላ ድንጋጌዎች**

- ፩. **አጭር ርዕስ**  
ይህ ደንብ “ደንብ ቁጥር ፻፺፩/፳፻፱ የኦሮሚያ ፖሊስ መተዳደሪያ ደንብ ቁጥር ፴፪/፲፱፻፺፭ ለማሻሻል የወጣ ደንብ” ተብሎ ሊጠራ ይችላል።
- ፪. **ትርጓሜ**  
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-
  - ፩) “ትምህርት” ማለት ከአንደኛ ደረጃ ጀምሮ አውቅና ባላቸው ትምህርት ተቋማት የሚሰጥ ነው።
  - ፪) “የህክምና ተቋም” ማለት ለፖሊስ የህክምና አገልግሎት የሚሰጡ ሆስፒታል፣ ክሊኒክና ሌሎች የህክምና ተቋማት ማለት ነው።
  - ፫) “ልዩ ግዴታ” ማለት የፖሊስ መኮንን ወይም አባል በመደበኛ ሥራው ላይ በግዴታ በሀገር ውስጥ ወይም በውጭ ሀገር ለተወሰነ ጊዜ ለመንግሥት ተልዕኮ የሚላኩ ማለት ነው።
  - ፬) “ጥቅማ ጥቅም” ማለት በመንግሥትና በኮሚሽኑ በልዩ ሁኔታ ተወስኖ ለአባላት የሚሰጥ ወይም የሚከፈል ጥቅም ማለት ነው።
  - ፭) “ስትራቴጂያዊ አመራር” ማለት ማዕረጉ ከምክትል ኮሚሽነር እስከ ኮሚሽነር ያለ ክፍተኛ አመራር ማለት ነው።
  - ፮) “ማዕረግ” ማለት ከኮንስታብል እስከ ኮሚሽነር ደረጃ ያለ ማዕረግ ማለት ነው።

NOW THEREFORE, in accordance with proclamation No.199/2017 Article 74(2), the following regulation is hereby issued.

**Part One**

**General Provisions**

1. **Short Title**  
This Regulation may be cited as “Regulation No. 191/2017 A Regulation to Amend Oromia Police Administration Regulation No. 32/2003”.
2. **Definition**  
Unless the context requires otherwise, in this Regulation:
  - 1) "Education" means Education provided by recognized Educational institutions beginning from elementary Education.
  - 2) "Health Institution" means Police Hospital and clinics providing examination service for the police, and other Health Centers.
  - 3) "Special Duty" means a fixed period duty of a police officer or member in addition to his regular duty to be performed within the country or being sent to Abroad for the government mission.
  - 4) "Benefit" Means benefit decided in special situation by the government and the Commission and provided for the police members
  - 5) "Strategic Leader" Means Senior Officer whose Rank is from Assistant Commissioner to Commissioner.
  - 6) "Rank" Means level of rank beginning from Constable up to Commissioner.

- 7) “Gootummaa” jechuun gocha ogummaa Poolisii idileen gaafatuu ol aarsaa lubbuu yookiin miidhaa qaamaa kan hordofsii-suu danda’u ta’uu osoo beekuu balaa yookiin miidhaa faayidaa fi mirga ummataa, mootummaa yookiin Komishinichaa irratti aggamame hambisuuf gochi raawwate balaa aggaamame guutummaa guutuutti yookiin harka caalu hambisuu kan danda’e jechuudha.
- 8) “Guddina Gonfoo” jechuun miseensa poolisii tokko gonfoo qabatee jiru irraa gara gonfoo itti aanutti guddisuu jechuudha.
- 9) “Guddina Sadarkaa” jechuun poolisii tokko ramaddii hojii irra ture irraa gara hojii sadarkaa ol’aanutti guddisuu jechuudha.
- 10) “Gumii” jechuun Gumii Bulchiinsa Miseensota Poolisii Komishinii Poolisii Oromiyaa jechuudha.
- 11) “Hojjataa Siviilii” jechuun hojjattota siviilii Komishinicha keessatti akkaataa Labsii fi Dambii hojjattoota siviil sarvisiitiin mindeeffamanii dhaabbii fi kontiraataan hojjatan jechuudha.
- 12) “Ijoolllee” jechuun ijooll-ee miseensichaa fi ijooll-ee gudifachaatis ni dabalata.
- 13) “Kaadhimamaa Poolisii” jechuun Kaadhimamaa Poolisii ummata keessaa filatamee leenjii idilee Poolisummaa fudhachaa jiru jechuudha.
- 14) “Kaadhimamaa Qondaalaa” jechuun Yunivarsiitii Kollejyii Poolisii Fedaraalaa yookiin Kollejyii Poolisii Oromiyaa galee leenjii yookiin barnoota hordofaa kan jiru jechuudha.
- 15) “Kaffaltii Iddoo” jechuun caaseffama Komishinichaa keessatti argamu irratti hooggansa sadarkaa sadarkaan itti gaafat-amummaadhaan ramadameef kaffaltii iddoo sanaaf eeyyama-mee kaffalamu jechuudha.

- ፯) "ጀግንነት" ማለት መደበኛ የፖሊስ ሙያ ከሚፈልገው በላይ የሕይወት ወይም የአካል ጉዳት መስዋዕትነት ሊያስከትል የሚችል መሆኑን እያወቀ በህዝብ፤ በመንግሥት ወይም በኮሚሽኑ ጥቅምና መብት ላይ የተሰነዘረውን አደጋ ወይም ጉዳት ለማስቀረት የፈጸመው ድርጊት የተሰነዘረውን አደጋ ሙሉ በሙሉ ወይም በአብላጫው ማስቀረት የቻለ ማለት ነው።
- ፰) "የማዕረግ እድገት" ማለት አንድን የፖሊስ አባል ካለው ማዕረግ ወደ ሚቀጥለው ማዕረግ ማሳደግ ማለት ነው።
- ፱) "የደረጃ እድገት" ማለት አንድን ፖሊስ ካለበት ሥራ ምድብ ወደ ከፍተኛ የሥራ ደረጃ ማሳደግ ማለት ነው።
- ፲) "ጉባኤ" ማለት የኦሮሚያ ፖሊስ ኮሚሽን አባላት አስተዳደር ጉባኤ ማለት ነው።
- ፲፩) "የሲቪል ሰራተኛ" ማለት በሲቪል ሰርቪስ ሰራተኞች አዋጅና ደንብ መሠረት በኮሚሽኑ ውስጥ ተቀጥረው በቋሚና ኮንትራት የሚሠሩ ማለት ነው።
- ፲፪) "ልጆች" ማለት የአባሉ ልጆችና የጉዲፈቻ ልጆችንም ይጨምራል።
- ፲፫) "እጩ ፖሊስ" ማለት ከህዝብ ተመርጦ መደበኛ የፖሊስነት ሥልጠና እየወሰደ ያለ እጩ ፖሊስ ማለት ነው።
- ፲፬) "እጩ መኮንን" ማለት የፌዴራል ፖሊስ ዩኒቨርሲቲ፣ ኮሌጅ ወይም የኦሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ ገብቶ ሥልጠና ወይም ትምህርት እየተከታተለ ያለ ማለት ነው።
- ፲፭) "የወንበር ክፍያ" ማለት በኮሚሽኑ ውስጥ ባለው መዋቅር ላይ በየደረጃው በኃላፊነት ለተመደበ አመራር ለቦታው ተፈቅዶ የሚከፈል ማለት ነው።

- 7) "Heroism" Means an outstanding accomplishment of bravery performed being aware of its consequence of life sacrifice or bodily injury beyond the regular duty expected from police profession so as to avert the serious threat or damage against the interest and rights of the people government and the commission which has succeeded in averting such threat totally or its greater part.
- 8) "Rank Promotion" Means promoting a police member from the rank he is holding to the next higher rank.
- 9) "Grade promotion" Means promoting police member from the job he has been assigned to a higher grade.
- 10) "Council" Means Administration Council of Oromia Police Commission.
- 11) "Civil Worker" Means the civil workers permanently or temporarily working in Oromia police Commission being employed as per the Civil servants proclamation and Regulation.
- 12) "Children" Means children of the member and includes adopted children.
- 13) "Recruit" Means a police selected among the society and is attending regular police training.
- 14) "Candidate Officer" Means a police member attending training or education by joining Federal Police University College or Oromia Police College.
- 15) "Payment of Position" Means the payment made for the managements assigned at each hierarchy in the Commission's structure s permitted for that particular position.



- 16) “Kaffaltii Ogummaa” jechuun miseensi poolisii kamiyyuu erga leenjii bu’uura poolisummaa fudhatee booda dabalataan ogummaawwan Komishinichaan adda bahan irratti leenjijee ramadameef kaffaltii raawwatamu jechuudha.
- 17) “Komishinii” jechuun Komishinii Poolisii Oromiyaati.
- 18) “Komishinara Jeneraalaa” jechuun Komishinara Jeneraalaa Poolisii Oromiyaati.
- 19) “Koree Manajimantii” jechuun qaama hooggansa o’aanaa sadarkaa Komishinii, Godina, Magaalaa fi Aanaatti jiru jechuudha.
- 20) “Leenjii” jechuun leenjii Kaadhimamaa Poolisii, leenjii hojiirrattii fi hojiin ala kenanamudha.
- 21) “Maatii Miseensaa” jechuun miseensa poolisii haadha warraa yookiin abbaa warraa ijoollee umurii waggaa 18 hin guunnee fi miseensicha jalatti kan bulan umuriin isaanii waaggaa 21 gadi kan ta’an ijoollee isaa ni dabalata.
- 22) “Magaalaa” jechuun magaalaa sadarkaa Muummee fi O’aanaa itti waamani isaanii Naannoof ta’an jechuudha.
- 23) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 24) “Nama” jechuun nama uumamaan yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.
- 25) “Pirezidaantii” jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 26) “Poolisii” jechuun leenjii Ogummaa Poolisii bu’uuraatiin leenjifamee Komishinichatti mindeeffamee kan hojjatu jechuudha.
- 27) “Sababa Hojiitiin Miidhaa Qaqqabu Yookiin Dhibee Dhufu” jechuun sababa hojiitiin balaa yookiin miidhaa qaama irra gahu yookiin dhukkuba dhufu ta’ee, akkaataa Dambii kanaa fi seera soorama hojjattootaa mootummaa irratti hunda’ameen miidhaa sababaa hojiitiin qaqqabu yookiin sababa hojiitin dhibee dhufu jechuudha.

- ፲፮) "የሙያ ክፍያ" ማለት ማንኛውም አባል መሠረታዊ የፖሊስ ሥልጠና ከወሰደ በኋላ በተጨማሪ በኮሚሽኑ በተለዩ ሙያዎች ላይ ሠልጥኖ ለተመደበበት ሙያ የሚፈፀም ክፍያ ማለት ነው።
- ፲፯) "ኮሚሽን" ማለት የኦሮሚያ ፖሊስ ኮሚሽን ነው።
- ፲፰) "ኮሚሽነር ጀነራል" ማለት የኦሮሚያ ፖሊስ ኮሚሽነር ጀነራል ነው።
- ፲፱) "የማኔጅመንት ኮሚቴ" ማለት በኮሚሽን፣ በዞን፣ በከተማ አስተዳደርና በወረዳ ደረጃ ያለው የክፍተኛ አመራር አካል ማለት ነው።
- ፳) "ሥልጠና" ማለት የአጩ ፖሊስ፣ የሥራ ላይ ሥልጠና እና ከሥራ ውጪ የሚሰጥ ሥልጠና ነው።
- ፳፩) "የቤተሰብ አባል" ማለት የአማ ወራ ወይም አባ ወራ ፖሊስ አባል እድሜያቸው ፲፰ ያልሞላቸው ልጆችና በአባሉ ሥር የሚተዳደሩ እድሜያቸው ከ፳፩ ዓመት በታች የሆኑ ልጆቻቸውን ይጨምራል።
- ፳፪) "ከተማ" ማለት ተጠሪነታቸው ለክልል የሆኑ የዋና እና የከፍተኛ ደረጃ ከተማ ማለት ነው።
- ፳፫) "ክልል" ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው።
- ፳፬) "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው።
- ፳፭) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ክልል መንግሥት ፕሬዝዳንት ነው።
- ፳፮) "ፖሊስ" ማለት በመሠረታዊ የፖሊስ ሙያ ሠልጥኖ በኮሚሽኑ ተቀጥሮ የሚሠራ ማለት ነው።
- ፳፯) "በሥራ ምክንያት የሚደርስ ጉዳት ወይም የሚመጣ በሽታ" ማለት በሥራ ምክንያት በአካል ላይ የሚደርስ አደጋ ወይም ጉዳት ወይም የሚመጣ በሽታ ሆኖ፣ በዚህ ደንብና በመንግሥት ሠራተኞች ጡረታ ሕግ ላይ በመመስረት በሥራ ምክንያት የሚደርስ ጉዳት ወይም የሚመጣ በሽታ ማለት ነው።

- 16) "Payment of Profession" Means payment made for the police member who after completing the basic police training and additionally trained on the professions identified by the Commission and has been assigned.
- 17) "Commission" Means Oromia Police Commission.
- 18) "Commissioner General" Means Oromia Police Commissioner General.
- 19) "Management Committee" Means the senior management body which is found at the Commission, Zone, City and District levels.
- 20) "Training" Means training of police candidate, training provided on-job and off-job.
- 21) "Member's Family" Means the police member, his spouse, children below 18 years and his children below 21 years being administered by him.
- 22) "City" Means the Principal and higher cities which are accountable for the Region.
- 23) "Region" Means Oromia region.
- 24) "Person" Means natural person or a body which has been given with legal personality.
- 25) "President" Means President of Oromia Regional State.
- 26) "Police" Means a police who has been trained in basic police profession and employed and working in the Commission.
- 27) "Occupational Injury or Occupational Disease" Means an accident or bodily injury or disease caused due to occupation and considered as such in accordance with this Regulation and public servants' pension law.

28) "Walcaalumsa Gonfoo" jechuun gonfoon kan caalu yookiin gonfoo walqixaa qabatanii gonficha dursee kan argate yookiin gonfoo walqixa qabatanii itti gaafatamummaadhan kan ramadame yookiin tajaajilaan kan dursu yookiin tajaajilaanis ta'ee gulantaan tokko ta'anii qubee maqaa isaatiin miseensa dursa qabu jechuudha.

**3. Ibsa Koorniyaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Rawwatiinsa Dambichaa.**

Dambiin kun Komishinara Jeneraalaa, Itti aanaa Komishinara Jeneraalaa, Sadarkaa Itti aanaa Komishinara Jeneraalatti gaggeessaa Adeemsa Hojii dhimmoota Kominikeeshinii mootummaa fi hojjattoota Paabliik Sarvaantii osoo hin dabalatin itti gaafatamtootaa fi miseensota gulantaalee Dambii kana keewwata 97 jalatti tarreeffaman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**5. Qajeeltoowwan Bu'uuraa**

Miseensi kamiyyuu hojii isaa raawwatu keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa armaan gadii hordofuu qaba:

- 1) Sirna Heeraan hundeeffame kabajuu fi kabachiisuu;
- 2) Tajaajiltummaa u m mataa g u d d i s u u f seektaroota haqaa fi nageenyaa waliin qindoominaan hojjachuu;
- 3) Duudhaalee hojii Komishinichi gabbifate amantaan fudhachuun hojiirra oolchuu;
- 4) Hojimaata iftoomaa fi ittigaa-fatamummaa mirkaneessuu danda'u diriirsuun bu'a qabeessummaa Komishinichaa mirkaneessuu.

፳፰) "የማዕረግ መበላለጥ" ማለት በማዕረግ የሚበልጥ ወይም እኩል ማዕረግ ኖሯቸው ማዕረጉን ቀድሞ ያገኘ ወይም እኩል ማዕረግ ኖሯቸው በኃላፊነት የተመደበ ወይም በአገልግሎት የሚቀድም ወይም በአገልግሎትም ሆነ በደረጃ አንድ ሆኖ በስሙ ፊደል ቅደም ተከተል ቅድሚያ ያለው አባል ማለት ነው።

**፫. የፆታ አገላለፅ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ሴትንም ይጨምራል።

**፬. የተፈጻሚነት ወሰን**

ይህ ደንብ ኮሚሽነር ጄነራል፣ ምክትል ኮሚሽነር ጄነራል፣ በምክትል ኮሚሽነር ጄነራል ደረጃ የመንግሥት ኮሙኒኬሽን የሥራ ሒደት ኃላፊና የፕብሊክ ሰርቪስ ሰራተኞችን ላይጨምር በዚህ ደንብ አንቀፅ ፺፯ ሥር የተዘረዘሩ ኃላፊዎችና አባላት ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

**፭. መሠረታዊ መርሆች**

ማንኛውም አባል በሚያከናውነው ሥራው ውስጥ የሚከተሉትን መሠረታዊ መርሆች መከተል አለበት፡-

- ፩) በሌላ መንግስት የተመሠረተውን ስርዓት ማክበርና ማስከበር፤
- ፪) የህዝቡን ተጠቃሚነት ለማሳደግ ከፍትህና ጸጥታ ሴክተሮች ጋር በቅንጅት መሥራት፤
- ፫) ኮሚሽኑ ያካበተውን የሥራ እሴቶች በአመኔታ በመውሰድ ሥራ ላይ ማዋል፤
- ፬) ግልጽነትና ተጠያቂነትን ማረጋገጥ የሚችል አሰራር በመዘርጋት የኮሚሽኑን ውጤታማነት ማረጋገጥ።

28) "Priority in Rank" Means a situation of being higher in rank or precede in acquiring rank despite having similar rank or having similar rank but assigned on managerial post or preceding in service or member having priority in alphabet of his name from others having equal service and rank.

**3. Gender description**

In this Regulation, any term described in masculine gender shall include feminine.

**4. Scope of Application**

This Regulation shall be applicable to all the heads and members on the levels specified under article 97 of this Regulation except the Commissioner General, Process Owner of Government Communication affairs work process with the rank of Deputy Commissioner General and public servants.

**5. Basic Principles**

Any member shall follow the following basic principles in the process of performing his Duty:

- 1) Respect and protect the Constitutionally established system;
- 2) Work in collaboration with other Justice and Security sectors to better benefit the people;
- 3) Take the values developed by the Commission full heartedly or trustfully and implement;
- 4) Ensure the effectiveness of the Commission through establishing a system capable of realizing transparency and accountability.

**Kutaa Lama**  
**Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Koree Manajimantii fi Gumii Bulchinsaa Miseensota Poolisii Komishinichaa**

**6. Gurmaa'ina Komishinichaa**  
Komishinichi gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:  
(a) Komishinara Jeneraalaa;  
(b) Itti Aantota Komishinara Jeneraalaa;  
(c) Miseensota Poolisii; fi  
(d) Hojjattoota biroo caasaa Komishinichaaf barbaachisan.

**7. Koree Manajimantii**

- 1) Koreen Manajimantii Sadarkaa Komishinii Miseensota armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Komishinara Jeneraalaa;
  - (b) Itti Aantota Komishinara Jeneraalaa fi nama sadarkaa kanatti muudame;
  - (c) Daayirektara Kollejijii Poolisii Oromiyaa;
  - (d) Adeemsa Hojii Komishinichaa itti waamamni isaa Komishinara Jeneraalaatiif ta'an fi akkaataa barbaachisummaa isaatti Komishinara Jeneraalaatiin dhiyaatanii Koree Manajimantiitiin kan mirkanaa'u;
  - (e) Komishinara Jeneraalaatiin kan filatamu sagalee malee kan hirmaatu barreessaa tokko.
- 2) Koreen Manajimantii sadarkaa Godinaalee, Magaalootaa fi Aanaaleetti miseensota armaan gadii ni qabaatu:
  - (a) Hoogganaa Poolisii Godinaa, Magaalaa fi Aanaa;
  - (b) Abbootii Adeemsa;
  - (c) Itti gaafatamaa Too'annaa Yakkamtoota Gurmaa'anii;
  - (d) Hoogganaan kan filatamu sagalee malee kan hirmaatu miseensa tokko.

**ክፍል ሁለት**  
**የኮሚሽኑ ፖሊስ አባላት የማኔጅመንት ኮሚቴና አስተዳደር ጉባኤ አደረጃጀት፣ ሥልጣንና ተግባር**

**፩. የኮሚሽኑ አደረጃጀት**  
ኮሚሽኑ የሚከተሉት አደረጃጀት ይኖሩታል፡-

- (ሀ) ኮሚሽነር ጀነራል፤
- (ለ) ምክትል ኮሚሽነር ጀነራል፤
- (ሐ) የፖሊስ አባላት፤ እና
- (መ) ለኮሚሽኑ መዋቅር የሚያስፈልጉ ሌሎች ሠራተኞች።

**፪. የማኔጅመንት ኮሚቴ**

**፩) የኮሚሽን ደረጃ ማኔጅመንት ኮሚቴ**  
የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-

- (ሀ) ኮሚሽነር ጀነራል፤
- (ለ) የኮሚሽነር ጀነራል ምክትሎችና በዚህ ደረጃ የተሾመ ሰው፤
- (ሐ) የኦሚያ ፖሊስ ኮሌጅ ዳይሬክተር፤
- (መ) ተጠሪነታቸው ለኮሚሽነር ጀነራሉ የሆኑ የሥራ ሒደት ባለቤቶችና እንደአስፈላጊነቱ በኮሚሽነር ጀነራሉ አቅራቢነት በማኔጅመንት ኮሚቴ የሚጸድቅ፤
- (ሠ) በኮሚሽነር ጀነራል የሚመረጥ ያለድምፅ የሚሳተፍ አንድ ጸሐፊ።

**፪) የዞኖች፣ ከተሞችና ወረዳዎች ደረጃ የማኔጅመንት ኮሚቴ**  
የሚከተሉት አባላት ይኖራቸዋል፡-

- (ሀ) የዞን፣ የከተማና የወረዳ ፖሊስ ኃላፊ፤
- (ለ) የሥራ ሒደት ባለቤቶች፤
- (ሐ) የተደራጁ ወንጀለኞች ቁጥጥር ኃላፊ፤
- (መ) በኃላፊው የሚመረጥ ያለድምፅ የሚሳተፍ አንድ አባል።

**Part Two**  
**Organization, Power and Duties of Management Committee and Administrative Council of the Commission's Police Members**

**6. Organization of the Commission**

The Commission shall have the following organization:

- (a) Commissioner General;
- (b) Deputy Commissioner General;
- (c) Police members; and
- (d) Other workers necessary for structure of the Commission.

**7. Management Committee**

1) The Commission level management committee shall have the following members:

- (a) Commissioner General;
- (b) Deputy Commissioner General and a person appointed at this level;
- (c) Director of Oromia Police College;
- (d) Work processes of the Commission accountable to the Commissioner General and as necessary those members nominated by the Commissioner General and approved by the management committee;
- (e) One Secretary selected by the Commissioner General who takes part without vote.

2) Management committee at the Zone, City and District levels shall have the following members:

- (a) Heads of the Zone, City and District Police;
- (b) Process Owners;
- (c) Head of Organized Offenders Control;
- (d) One member to be selected by the Head who take part without vote.



**8. Aangoo fi Hojii Koree Manajimantii Sadarkaa Sadarkaa-haan jiranii**

- 1) Aangoo fi Hojii Koree Manajimantii Komishinichaa: Koreen manajimantii Komishinichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Haala gurmaa'iinsa Komishinichaa xiinxalee Mootummaaf ni dhiyeessa;
  - (b) Wixinee baajataa qophaa'ee dhiyaateef ilaalee mootummaaf ni dhiyeessa; yeroo hayyamamus qooddii baajataa fi qabeenyaa ni raawwata;
  - (c) Karooraa fi gabaasa raawwii hojii ni qorata; Mootummaaf ni dhiyeessa;
  - d) Seerota Komishinichi ittiin gaggeeffamu raawwii isaanii ilaalichisee qorannaa ni gaggessa; Dambii Komishinichi ittiin gaggeeffamu akka fooyya'u yookiin akka jijjiramuu yaada ni dhiyeessa; Qajeelfama Dambicha hojiirra oolchu ni baasa;
  - (e) Guddina Gonfoo Qondaal-totaa fi miseensotaa ni mirkaneessa; Gonfi gargaaraa Komishinaraa fi isaa ol akka mirkanaa'u yaada ni kenna;
  - (f) Karoora fedhii fi carraa leenjii yookiin barumsa adda addaa dhiyaatuuf ilaalee ni mirkaneessa;
  - (g) Abbootii Adeemsa, Adeemsa Xiqqaa fi Itti gaa-fatamtoota Divizyinii Komishinichaa, hooggantootaa fi Abbootii Adeemsa Qajeelcha Poolisii Godinaalee fi Magaalota Sadarkaa Godinaa qabanii ni ramada; ni jijjiira; ni kaasa;. Haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
  - (h) Dhimmoota Komishinara Jeneraalaan adda bahanii dhiyaatan irratti mari'atee murtii ni kenna;

**፰. በየደረጃ ያሉት የማኔጅመንት ኮሚቴ ሥልጣን እና ተግባር**

- ፩) የኮሚሽኑ ማኔጅመንት ኮሚቴ ሥልጣንና ተግባር:-
  - የኮሚሽኑ ማኔጅመንት ኮሚቴ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል:-
    - (ሀ) የኮሚሽኑን አደረጃጀት ሁኔታ አጥንቶ ለመንግሥት ያቀርባል፤
    - (ለ) ተዘጋጅቶ የቀረበለትን የበጀት ረቂቅ አይቶ ለመንግሥት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም የበጀትና የሀብት ክፍፍል ይፈጽማል፤
    - (ሐ) የዕቅድና ሥራ አፈፃፀም ሪፖርት ይገመግማል፤ ለመንግሥት ያቀርባል፤
    - (መ) ኮሚሽኑ የሚመራባቸውን ሕጎች አፈፃፀም በተመለከተ ጥናት ያካሄዳል፤ ኮሚሽኑ የሚመራበት ደንብ እንዲሻሻል ወይም እንዲቀየር ሐሳብ ያቀርባል፤ ደንቡን ሥራ ላይ የሚያውል መመሪያ ያውጣል፤
    - (ሠ) የመኮንኖችና የአባላት የማዕረግ እድገትን ያጸድቃል፤ የረዳት ኮሚሽነርና ከዚያ በላይ ያለ ማዕረግ እንዲጸድቅ ሐሳብ ይሰጣል፤
    - (ረ) የሚቀርብለትን የተለያዩ የሥልጠና እና የትምህርት ፍላጎትና ዕድል ዕቅድ አይቶ ያጸድቃል፤
    - (ሰ) የሥራ ሒደት ባለቤቶች፣ አነስተኛ የሥራ ሒደትና የኮምሽኑ ዲቪዥን ኃላፊዎች፣ የዘጠኝና የዘንደረጃ ያላቸው ከተሞች የፖሊስ መምሪያ ኃላፊዎችንና የሥራ ሒደት ባለቤቶችን ይመድባል፤ ያዛውራል፤ ያነሳል፤ የአፈፃፀም ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወስን ይሆናል፤
    - (ሸ) በኮሚሽነር ጀነራሉ ተለይተው በሚቀርቡት ጉዳዮች ላይ ተወያይቶ ውሳኔ ይሰጣል፤

**8. Power and Duties of Management Committee of each Hierarchy:**

- 1) Power and Duties of Management Committee of the Commission: Management Committee of the Commission shall have the following power and duties:
  - (a) Analyze the organizational set up of the Commission and submit to the Government;
  - (b) Examine the prepared budget draft and submit to the Government; and perform budget and resource distribution or allocation up on its approval;
  - (c) Review the plan and work performance report; submit same to the Government;
  - (d) Conduct researches regarding enforcement of the laws governing the Commission; Propose recommendation for the amendments or change of the Regulation guiding the Commission; Issue directive that help to implement the Regulation;
  - (e) Approve rank promotions of the officers and members; Propose recommendation for the approval of ranks of Assistant Commissioner and above;
  - (f) Examine and approve plan of the demands and opportunities for various trainings or education submitted to it;
  - (g) Assign; Transfer and Remove Process Owners of Smaller Processes and heads of Divisions of the Commission; and Heads and Process Owners of the Zone police and Cities having Zonal levels; its implementation shall be determined by the directive to be issued;
  - (h) Deliberate and pass decision on the matters identified and presented by the Commissioner General.

2) Aangoo fi hojiin koree manajimantii sadarkaa Godinaalee, Magaalotaa yookiin Aanaalee Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**9. Hudeeffama Gumii Bulchiinsaa Miseensota Poolisii Komishinichaa**

1) Gumiin bulchiinsa miseensota poolisii Komishinichaa kanaan booda "Gumii" jedhamee kan waamamu Sadarkaa Komishinii, Godinaalee, Magaalotaa fi Aanaaleetti Dambii kanaan hundeeffamee jira.

2) Itti waamamni Gumichaa sadarkaa Naannootti Komishinara Jeneraalaatiif, sadarkaa Godinaa, Magaalaa fi Aanaatti Hoogganaa Poolisii Godinichaa, Magaalichaa fi Aanicaatiif ta'a.

**10. Miseensota Gumichaa Sadarkaa Sadarkaan Jiranii**

1) Gumiin Bulchiinsa Miseensota Poolisii sadarkaa Komishinii Itti Aanaa Komishinara Jeneraalaa fi Damee Hojii Nageenya Naannoo Mirkaneessuutiin kan hoogganamu, Komishinara Jeneraalaa osoo hin dabalatiin miseensota armaan gadii ni qabaata:

- (a) Miseensota Koree Manajimantii;
- (b) Gumichaan kan filatamu barreessaa nama tokko.

2) Gumiin Bulchiinsa miseensota poolisii sadarkaa Godinaa, Magaalaa fi Aanaatti Abbaa Adeemsa hojii Nageenya Naannoo Mirkaneessuun kan hoogganamu ta'ee, Hoogganaa Poolisii osoo hin dabalatiin miseensota armaan gadii ni qabaata:

- (a) Miseensota Koree manajimantii;
- (b) Gumichaan kan filatamu barreessaa nama tokko.

፪) የዞኖች፣ የከተሞች ወይም የወረዳዎች ደረጃ ማኔጅመንት ኮሚቴ ሥልጣንና ተግባር በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**፩. የኮሚሽኑ ፖሊስ አባላት አስተዳደር ጉባኤ አመሠራረት**

፩) የኮሚሽኑ ፖሊስ አባላት የአስተዳደር ጉባኤ ከዚህ በላ "ጉባኤ" ተብሎ የሚጠራ በኮሚሽን፣ በዞኖች፣ በከተሞች ወይም በወረዳዎች ደረጃ በዚህ ደንብ ተቀቁል።

፪) የጉባኤው ተጠሪነት በክልል ደረጃ ለኮሚሽነር ጀነራል፣ በዞን፣ በከተማና በወረዳ ደረጃ ለዞን፣ ለከተማው ወይም ለወረዳው የፖሊስ ኃላፊ ይሆናል።

**፯. በየደረጃው ያሉ የጉባኤ አባላት**

፩) በኮሚሽን ደረጃ የምክትል ኮሚሽነር ጀነራል ፖሊስ አባላትና የክልል ጸጥታ ሥራ ቅርንጫፍ ማረጋገጥ የሚመራ አስተዳደር ጉባኤ ኮሚሽነር ጀነራሉን ሳይጨምር የሚከተሉት አባላት ይኖረዋል፡-

- (ሀ) የማኔጅመንት ኮሚቴ አባላት፤
- (ለ) በጉባኤው የሚመረጥ አንድ ጸሐፊ።

፪) የፖሊስ አባላት አስተዳደር ጉባኤ በዞን፣ በከተማና በወረዳ ደረጃ የአከባቢ ጸጥታ ሥራ ማረጋገጥ የሥራ ሒደት ባለቤት የሚመራ ሆኖ፣ የፖሊስ ኃላፊን ሳይጨምር የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-

- (ሀ) የማኔጅመንት ኮሚቴ አባላት፤
- (ለ) በጉባኤው የሚመረጥ አንድ ጸሐፊ።

2) Power and Duties of Management Committee at the Zones, Cities or Districts levels shall be determined by the directive to be issued.

**9. Establishment of Administrative Council of the Commission's Police Members**

1) Administrative Council of Police members of the Commission hereinafter called "Council" is hereby established at the Commission, Zones, Cities and Districts levels by this Regulation;

2) The accountability of the Council shall be to the Commissioner General at the Commission level, and to the heads of the Zone, City and the District police at the Zone, City and District levels.

**10. Members of the Council at each Hierarchy**

1) The Commission level Police members Administrative Council, which is led by the Deputy Commissioner General and peace and security ensuring division shall, excluding the Commissioner General have the following members;

- (a) Members of Management Committee;
- (b) One Secretary to be selected by the Council.

2) The Administrative Council of the Zone, City and District levels police members shall be led by the Process Owner of Peace and Security ensuring work process shall have the following members excluding head of the police:

- (a) Members of Management Committee;
- (b) One Secretary to be selected by the Council.



**11. Aangoo fi Hojii Gumichaa**

- 1) Gumiin sadarkaa Komishinii aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Gumiin Komishinichaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (b) dhimma miseensota poolisii balleessaa naamusaa cimaa Kollejii Poolisii Oromiyaa, sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaatti raawwataman jedhamanii Koree Naamusaa Kollejii Poolisii Oromiyaa yookiin Gumiin Bulchiinsaa Godinaa yookiin Magaalaattii fi koree naamusaa Komishiniitiin ilaalamee dhiyaateef qoratee ni murteessa;
  - (b) Keewwata kana keewwata xiqqaa a jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, murtiin kennamu Gonfoo irraa kan gadi buusisu yoo ta'e Gumiin Bulchiinsaa Komishinichaa yaada murtii qaama Gonfoo kenneef dhiyeessuun akka murtaa'u ni taasisa.
- 2) Gumiin bulchiinsa sadarkaa Godinaa, Magaalaa yookiin Aanaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Gumiin bulchiinsaa sadarkaa Aanaa adabbii naamusaa salphaa miseensota poolisii mindaa hanga % 10 gahutti adabsiisu ilaalchisee yaada murtii koree naamusaa Aanaatiin calalamee dhiyaateef ilaalee murtii ni kenna; adabbiiwwan naamusaa cimaa kan biroo yaada murtii waliin kara poolisii Godinaa yookiin Magalaatti ni dabarsa;
  - (b) Gumiin bulchinsaa sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa adabbii naamusaa cimaa mindaa % 10 ol hanga ji'a tokkoo gahu adabsiisu kan miseensota Poolisii Godinichaa, Magaalichaa yookiin Aanaa ilaalchisee yaada murtii koree naamusaa Godinaa yookiin Magaalaatiin dhiyaataniif ilaalee murtii ni kenna; adabbiiwwan naamusaa cimaa biroo dhiyaataniif ilaalee yaada murtii waliin Komishiniif ni dabarsa;

**፲፩. የጉባኔው ሥልጣንና ተግባር**

- ፩) የኮሚሽን ደረጃ ጉባኔ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-
  - (ሀ) የኮሚሽኑ ጉባኔ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ (ለ) መሠረት በኦሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ፣ በዞን ወይም በከተማ ደረጃ ፖሊስ አባላት ተፈጸሙ ተብለው በኦሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ፣ በዞን ወይም በከተማ ደረጃ ሥነ ምግባር ኮሚቴ ታይቶ የቀረበለት ከባድ የሥነ ምግባር ጥፋት ጉዳይ መርምሮ ይወስናል፤
  - (ለ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (ሀ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የሚሰጠው ውሳኔ ከማዕረግ ላይ የሚያስወረድ ከሆነ የኮሚሽኑ አስተዳደር ጉባኔ ማዕረጉን ለሰጠው አካል የውሳኔ ሐሳብ በማቅረብ እንድወስን ያደርጋል፡፡
- ፪) የዞን፣ የከተማ ወይም የወረዳ ደረጃ አስተዳደር ጉባኔ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-
  - (ሀ) የወረዳ ደረጃ አስተዳደር ጉባኔ የፖሊስ አባላትን ቀላል የሥነ ምግባር ቅጣት ከደሞዝ እስከ ፫% የሚደርስ የሚያስቀጣውን በተመለከተ በወረዳ ሥነ ምግባር ኮሚቴ ተጠርቶ የቀረበለትን የውሳኔ ሐሳብ አይቶ ውሳኔ ይሰጣል፤ ሌሎች ከባድ የሥነ ምግባር ቅጣት ከውሳኔ ሐሳብ ጋር ወደ ዞን ወይም ከተማ ፖሊስ ያስተላልፋል፤
  - (ለ) የዞን ወይም የከተማ ደረጃ አስተዳደር ጉባኔ የዞን ወይም የከተማ ወይም የወረዳው ፖሊስ አባላትን ከባድ የሥነ ምግባር ቅጣት ከ10% በላይ እስከ አንድ ወር ደሞዝ የሚደርስ የሚያስቀጣውን በተመለከተ በዞን ወይም በከተማ ሥነ ምግባር ኮሚቴ የቀረበለትን አይቶ ውሳኔ ይሰጣል፤ ሌሎች የሚቀርቡለትን ከባድ የሥነ ምግባር ቅጣት አይቶ ከውሳኔ ሐሳብ ጋር ለኮሚሽን ያስተላልፋል፡፡

**11. Power and Duties of the Council**

- 1) The Council at the Commission level shall have the following power and duties:
  - (a) It shall examine and decide on cases of grave disciplinary offences committed by police members of Oromia Police College, at the Zone or City levels which have been examined and submitted by discipline committee of Oromia Police College or by the Zone or City Administrative Council and by the Discipline Committee of the Commission in accordance with sub article 2 (b) of this article;
  - (b) Without prejudice to the provision under sub article (a) of this article, where the decision to be rendered results in demotion from rank, the Administrative Council of the Commission shall submit its decision opinion to the body that has granted the rank and cause it to be decided.
- 2) The Administrative Council at the Zone, City or District levels shall have the following power and duties:
  - (a) The District level Administrative Council shall examine and decide on the decision recommendation screened and submitted to it by the District Discipline Committee regarding simple disciplinary penalty of police members which result or impose Up to 10% reduction from salary, concerning other grave disciplinary penalties, it shall refer them to the Zone or City police with its decision recommendation;
  - (b) The Zone or City level Administrative Council shall examine and decide on the decision recommendation submitted to it from the Zone or City discipline committee regarding the rigorous disciplinary penalties imposing 10% which goes up to one month salary reduction of the zone, City or the District police members.

**12. Sirna Walgahii Gumichaa**

- 1) Miseensota gumichaa keessaa harki walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ta'a;
- 2) Murtiin Gumii sagalee caalmaa miseensota waligahii irratti aragamaniin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaad-ni walitti qabaan deeggarame murti Gumichaa ta'a.
- 3) Mirgi ol'iyyannoo akkuma eegametti ta'ee murtiin Gumichaan kennamu murtii isa dhumaa ta'a;
- 4) Walgahiin idilee Gumichaa torbee lamatti si'a tokko kan gaggeeffamu ta'ee, Gumichi akkaataa barbachusumma isaatti torbee lamaa gaditti gaggeessuu ni danda'a.

**Kutaa Sadii**

**Filannoo Yookiin Foo'annaa, Leenjii, Ramaddii fi Jijjiirraa Poolisii**

**13. Filannoo Yookiin Foo'annoo Kaadhimamaa Poolisii**

- 1) Filannoo fi leenjiin kaadhimamaa Poolisii kan raawwatamu Kollejijii Poolisii Oromiyaatiin ta'ee; namni kaadhimamaa Poolisii ta'ee filatamuuf fedhii qabu kamiyyuu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:
  - (a) Lammummaan isaa Itoophiyaa kan ta'ee fi waggaa lamaa fi isaa ol jiraataa Gandichaa kan ta'e;
  - (b) Heera mootummaaf amanaamaa kan ta'ee fi kabajee kabachiisuudhaaf qophaa'ummaa kan qabu;
  - (c) Afaan Oromoo dubbachuu, barreessuu fi dubbisuu kan danada'u;
  - (d) Ganda keessa jiraatu irraa xalayaa deeggarsaa dhiyeefachuu kan danda'u;
  - (e) Walqixxummaa sabaa fi sablammoottaa, koornayaa fi amantaatti kan amanu;
  - (f) Naamusa gaarii kan qabu;
  - (g) Rikardii balleessummaa yakkaa kan hin qabne;

**፲፪. የጉባዔው የስብሰባ ሥነ ሥርዓት**

- ፩) ከጉባዔው አባላት ውስጥ ከግማሽ በላይ ከተገኙ ስብሰባው ሙሉ ይሆናል፤
- ፪) የጉባዔው ውሳኔ በስብሰባው ላይ በተገኙት አባላት ድምፅ ብልጫ የሚተላለፍ ሆኖ፤ ድምፅ እኩል ከሆነ በስብሰባው የተደገፈ ሐሳብ የጉባዔው ውሳኔ ይሆናል፤
- ፫) የይግባኝ መብት እንደተጠበቀ ሆኖ በጉባዔው የሚሰጥ ውሳኔ የመጨረሻ ውሳኔ ይሆናል፤
- ፬) የጉባዔው መደበኛ ስብሰባ በሁለት ሳምንት አንድ ጊዜ የሚካሄድ ሆኖ፤ ጉባዔው እንደ አስፈላጊነቱ ከሁለት ሳምንት በታች ማካሄድ ይችላል።

**ክፍል ሦስት**

**ስለፖሊስ ምርጫ ወይም ምልመላ፣ ሥልጠና፣ ምደባና ዝውውር**

**፲፫. ስለ እጩ ፖሊስ ምርጫ ወይም ምልመላ**

- ፩) የአዲስ ፖሊስ ምልመላና ሥልጠና የሚፈፀመው በኦሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ ሆኖ፤ እጩ ፖሊስ ሆኖ ለመመልመል ፍላጎት ያለው ማንኛውም ሰው የሚከተሉትን መስፈርቶች ማሟላት አለበት፡-
  - (ሀ) ዜግነቱ ኢትዮጵያዊ የሆነና ሁለት ዓመትና ከዚያ በላይ የቀበሌው ነዋሪ የሆነ፤
  - (ለ) ለሕገ መንግሥቱ ታማኝ የሆነና አክብሮ ለማስከበር ዝግጁነት ያለው፤
  - (ሐ) የአፋን ኦሮሞ ቋንቋ መናገር፣ መጻፍና ማንበብ የሚችል፤
  - (መ) ከሚኖርበት ቀበሌ የዲጋፍ ደብዳቤ ማቅረብ የሚችል፤
  - (ሠ) በብሔሮች፣ ብሔረሰቦችና ሕዝቦች እንዲሁም በፆታና ሀይማኖት እኩልነት የሚያምን፤
  - (ረ) መልካም ሥነ ምግባር ያለው፤
  - (ሰ) በወንጀል ጥፋተኝነት ሪከርድ የለሌበት፤

**12. Meeting procedures of the Council**

- 1) The meeting shall be a quorum where more than half of the members of the Council are present;
- 2) Decision of the Council shall be passed by the majority vote of the members who attend the meeting, and the chairperson shall have a casting vote in case of tie;
- 3) Without prejudice to the right of appeal the decision passed by the Council shall be final;
- 4) The regular meeting shall be held once in two weeks, and the Council may held the meeting in less than two weeks' time as deemed necessary.

**Part Three**

**Selection or Recruitment, Training, Assignment and Transfer of police Members**

**13. The selection or Recruitment of Police candidate**

- 1) The recruitment and training of a police candidate shall be performed by Oromia Police College, and any person who is willing to be recruited as a Police candidate shall fulfill the following criteria:
  - (a) An Ethiopian citizen and he shall live for two or more years in the kebele;
  - (b) They shall be loyal to the Constitution of the government and readiness to respect and protect it;
  - (c) He shall speak, write and read "Afan Oromo";
  - (d) He shall be the one who can produce support letter from the kebele he is residing,
  - (e) He shall be faithful in the equality of rations and nationalities in gender equality and religions;
  - (f) Shall have good disciplines, convection;
  - (g) He shall not have criminal records;

- (h) Umriin isaa waggaa 18 gadi kan hin taanee fi waggaa 25 kan hin caalle;
  - (i) Kan hin fuune yookiin hin heerumne;
  - (j) Miseensa dhaaba siyaasaa kamiyyuu kan hin taane;
  - (k) Gahumsa qaamaa kan qabu fi fayyaa kan ta'e;
  - (l) Barnoota sadarkaa 2ffaa xumuree qormaata biyyooles-saa kan fudhate yookiin sanaa ol kan ta'e;
  - (m) Dheerina dhiiraaf Meetira 1.65 fi isa ol, Dubartiif Meetira 1.55 fi isaa ol kan ta'e;
  - (n) Ulfaatina dheerinaan walmadaalu kan qabu;
  - (o) Araada adda addaa irraa bilisa kan ta'e;
  - (p) Qormaata kennamu kan darbu;
  - (q) Iddoo fi ogummaa Komishinichi irratti ramadu hundatti ramadamee hojjachuuf fedhii kan qabu;
  - (r) Guyyaa leenjii xumure yookiin qaxarame irraa kaasee waggaa torba tajaa-jiluuf mallatteessuu yookiin dirqama seenuu kan danda'uu; fi
  - (s) Ulaagaawwan filannoo kan biroo Komishinichi baasu kan guutu.
- 2) Ulaagaaleen filannoo keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman akkuma jiranitti ta'ee, Komishinichi ulaagaalee filannoo ogummaa poolisii adda addaa fooyyessuu fi Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**14. Kakuu Raawwachuu**

- 1) Kaadhimamaan Poolisii kamiyyuu leenjii isaa xumuree hojii osoo hin eegalin dura kakuu armaan gadii raawwachuu qaba:

- (ሸ) እድሜው ከ፲፰ ዓመት ያላነሰና ከ25 ዓመት ያልበለጠ፤
  - (ቀ) ያላገባ ወይም ያላገባች፤
  - (በ) የማንኛውም ፖለቲካ ድርጅት አባል ያልሆነ፤
  - (ተ) የአካል ብቃት ያለውና ጤናማ የሆነ፤
  - (ፑ) የ፪ኛ ደረጃ ትምህርት አጠናቅቆ የሀገር አቀፍ ፈተና የወሰደ ወይም ከዚያ በላይ የሆነ፤
  - (ኀ) ቁመት ለወንድ 1.65 ሜትርና ከዚያ በላይ፣ ለሴት 1.55 ሜትርና ከዚያ በላይ የሆነ፤
  - (ኘ) ከቁመት ጋር የሚመጣጠን ክብደት ያለው፤
  - (ኘ) ከተለያዩ ስቦች ነፃ የሆነ፤
  - (አ) የሚሰጠውን ፈተና የሚያልፍ፤
  - (ከ) ከሚሸኑ በሚመድብበት በሁሉም ቦታና ሙያ ላይ ተመድቦ ለመሥራት ፍላጎት ያለው፤
  - (ኸ) ሥልጠና ከጨረሰበት ወይም ከተቀጠረበት ቀን ጀምሮ ለሰባት ዓመታት ለማገልገል መፈረም ወይም ግዴታ መግባት የሚችል፤
  - (ወ) ከሚሸኑ የሚያወጣውን ሌሎች የምርጫ መስፈርቶች የሚያሟላ፡፡
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተዘረዘሩት የምልመላ መስፈርቶች እንዳሉ ሆነው፤ ከሚሸኑ የተለያዩ የፖሊስ ሙያ ምርጫ መስፈርቶችን ማሻሻልና መመሪያ ማውጣት ይችላል፡፡

**፲፬. ቃለ መሐላ ስለመፈጸም**

- ፩) ማንኛውም ዕጩ ፖሊስ ሥልጠናውን አጠናቅቆ ሥራ ከመጀመሩ በፊት የሚከተለውን ቃለ መሐላ መፈፀም አለበት፤

- (h) His age shall not be less than 18 and above 25 years old;
- (i) He/she shall not be married;
- (j) He shall not be a member of any political party;
- (k) Shall be physically fit and healthy;
- (l) Shall be one who has completed secondary school and has taken national examination or above that;
- (m) Shall be 1.65 and above meters males and 1.55 and above meters tall for females;
- (n) Shall have weight proportional with his height;
- (o) Shall be free from various addictions;
- (p) Shall be one who and pass the examination to be given;
- (q) Shall be willing to work on all position and professions on which the commission assigns him;
- (r) Shall be one who can sign or enter in to obligation to serve for seven years as of the date he has completed training or he has been employed; and
- (s) The one who fulfills other selection recruitment criteria which the commission sets.

2. Without prejudice to the recruitment criteria specified under sub article 1 of this article, the commission may amend the various recruitment criteria of police profession and may issue directive.

**14. Oath**

- 1) Any Police recruit who has completed his training shall take the following oath prior to commencing his duty;



“Ani ----- Miseensa Poolisii Komishinii Poolisii Oromiyaa ta’ee yammuum qaxaramu, Heera mootummaa fi seerota adda addaa kabajee kabachiisuun dhimmoota hojimaataa fi seeraan icciitiin eeggamuu qaban qaama birootiif dabarsee osoo hin kennin sirriitti eeguuf, yakka gara kuteenyaan ittisuu fi loogirraa bilisa ta’uun ummata dhuugaa fi amanamummaan tajaajiluuf waadaa nan gala.”

2) Kakuun yookiin waadaan raawwatame mallattoo Kaadhimamaa poolisii yookiin qondaalaatiin mallatta’ee galmee dhuunfaa miseensichaa keessa taa’uu qaba.

**15. Waliigaltee Qaxarrii**

1) Kaadhimamaan poolisii yookiin qondaalaa haaraa ummata keessaa filatamu kamiyyuu barri qaxarrii isaa lakkaa’amuu kan eegaluu fi miseensa ta’uu kan danada’u leenjii fi barumsa poolisummaa yoo xumuree fi kakuu raawwatee waliigaltee qaxarrii guyyaa mallatteesse irraa eegalee ta’a.

2) Miseensi waliigaltee qaxarrii mallatteesse kamiyyuu waggaa torba tajaajiluuf dirqama qaba. Tajaajilli waggaa torbaa lakkaa’amuu kan eegalu guyyaa waliigaltee qaxarrii mallatteesse irraa eegalee ta’a.

3) Namni poolisummaaf filatamee leenjii poolisummaa xumuree kamiyyuu waliigaltee qaxarrii Komishinihi qopheessu mallatteessuu qaba.

**16. Ramaddii**

1) Ramaddiin miseensa poolisii kan raawwatamu Komishinichaan ta’ee:  
(a) Karoora humna namaa Komishinichaa giddu-galeessa kan godhate,  
(b) Sadarkaa barumsaa, dandeettii fi beekumsa hojichi gaafatuu fi

“እኔ ..... የኦሮሚያ ፖሊስ ኮሚሽን አባል ሆኜ ስቀጠር ሕገ መንግሥቱንና የተለያዩ ሕጎችን አክብራ በማስከበር፣ በአሠራርና በሕግ በሚስጥር መጠበቅ የሚገባቸውን ጉዳዮች ለሌላ አካል አሳልፌ ላለመስጠትና በአግባቡ ለመጠበቅ፣ ወንጀልን በቁርጠኝነት መከላከልና ከአድልዎ ነፃ በመሆን ሕዝቡን በእውነትና በታማኝነት ለማገልገል ቃል አገባለሁ”።

፪) የተፈጸመው ቃለ መሐላ በዕጩ ፖሊሱ ወይም በመኮንኑ ተፈርጦ የአባሉ ግል ማህደር ውስጥ መቀመጥ አለበት።

**፲፮. ስለቅጥር ውል**

፩) ከሕዝብ የሚመለመል ማንኛውም አዲስ ዕጩ ፖሊስ ወይም መኮንን የቅጥር ውሉ መቆጠር የሚጀምረውና የፖሊስ አባል መሆን የሚችለው የፖሊስ ትምህርትና ሥልጠና ካጠናቀቀና ቃለ መሐላ ፈፅሞ የቅጥር ውል ከፈረመበት ቀን ጀምሮ ይሆናል፤

፪) የቅጥር ውል የፈረመ ማንኛውም የፖሊስ አባል ለሰባት ዓመት የማገልገል ግዴታ አለበት፤ የሰባት ዓመት አገልግሎት መቆጠር የሚጀምረው የአገልግሎት ውሉን ከፈረመበት ቀን ጀምሮ ይሆናል፤

፫) ለፖሊስነት ተመልምሎ የፖሊስ ሥልጠና ያጠናቀቀ ማንኛውም ሰው ኮሚሽኑ የሚያዘጋጀውን የቅጥር ውል መፈረም አለበት።

**፲፯. ምደባ**

፩) የፖሊስ አባል ምደባ የሚከናወነው በኮሚሽኑ ሆኖ፡-  
(ሀ) የኮሚሽኑን የሰው ኃይል እቅድ ያማከለ፤  
(ለ) ሥራው የሚጠይቀው የትምህርት ደረጃ፣ ክህሎትና ችሎታ፣ እና

I ..... as being a member of Oromia police commission solemnly swear to respect and protect the constitution and other various laws ; not to disclose and keep properly matters classified as confidential by practice in law to any other body; to prevent crime diligently and serve the public with in partiality, honestly and with integrity.

2) Such oath or promise shall be duly signed by the police recruit or officer and filed in his personal file.

**15. Contract of Employment**

1) Any police candidate or officer newly elected from the people shall his employment year begin to be counted and shall become a member where he has completed police professing training and education and from the date he has taken another Oath and signed employment agreement (Contract);

2) Any police member who has signed employment contract shall be obliged to serve for seven years, the seven years’ service provision shall begin to be counted from the date he has signed his employment contract;

3) Any person recruited to be a police and completed the police training shall sign the employment contract prepared by the commission

**16. Assignment**

1) The assignment of a police member shall be performed by the commission, and it shall:

- (a) Be performed by considering the man power plan of the commission;
- (b) Base education status the ability and knowledge which the work requires; and

- c) Gonfoo miseensichi qabu, bara tajaajilaa, naamusa inni qabuu fi bu'aa raaw-wii hojii isaa bu'uura kan godhate ta'a.
- 2) Miseensi poolisii kamiyyuu haala dirqisiisaan yoo jiraateen alatti iddoo itti ramadame irratti waggaa lama hojjachuuf dirqama qaba.
- 3) Miseensi poolisii kamiyyuu rammaddii isaaf kennamu fud-hatee hojjachuuf dirqama qaba.
- 4) Miseensa poolisii kamiyyuu qaamni isa ramade osoo hin beekiin iddoo itti ramadame irraa kaasuun, jijjiiruun yookiin ramaddii biroo gaggeessuun hin danda'amu.
- 5) Haalli dirqisiisaan yoo jirate Komishinichi miseensa poolisii tokkoof osoo mindaa hin dabaliniif iddoo ittigaafatamum-maa ol'aanu irratti yeroo ji'a jaha hin caalleef eeggataadhaan ramadee hojjachiisuu ni danda'a. Haa ta'u malee ji'a jahaa ol eeggataa- dhaan yoo tajaajile mirga guutuu bakka ittigaafat-amummaa sanaaf eeyyamame ni argata.
- 6) Miseensi poolisii kamiyyuu sadarkaa hooggansaa irratti ramadamee jiru sababa dhibeetiin yookiin miidhaa qaama irra gaheen sadarkaa hooggan-saa irratti hojjachuu kan hin dandenye ta'uu isaa ragaa mana yaalaatiin yoo mirkanaa'e:
  - (a) Sadarkaa yookiin gosa hojii walfakkaatuun iddoo hojjachuu itti danda'u yoo jiraate sadarkaa qabatee jiruun akka ramadamu ni taasifama.
  - (b) Sadarkaa yookiin gosa hojii walfakkaatuun iddoo irratti hojjachuu danda'u kan hin jirre yoo ta'e iddoo isa madaalu irratti ramadamee akka hojjatu ni taasifama.

- (ሐ) አባሉ ያለውን ማዕረግ፣ የአገልግሎት ዘመን፣ ሥነ ምግባሩንና የሥራ አፈፃፀም ውጤቱን መሠረት ያደረገ ይሆናል።
- ፩) ማንኛውም የፖሊስ አባል አስገዳጅ ሁኔታ ከሌለ በስተቀር በተመደበበት ቦታ ሁለት አመት የመሥራት ግዴታ አለበት፤
- ፪) ማንኛውም የፖሊስ አባል የተሰጠውን ምደባ ወስዶ የመሥራት ግዴታ አለበት፤
- ፫) ማንኛውንም የፖሊስ አባል የመደበው አካል ሳያውቅ ከተመደበበት ቦታ ላይ ማንሳት፣ ማዛወር ወይም ሌላ ምደባ ማካሄድ አይቻልም፤
- ፬) አስገዳጅ ሁኔታ ካለ ኮሚሽኑ የአንድን ፖሊስ አባል ደመወዝ ሳይጨምር ከፍባለ የሥራ ደረጃ ላይ ከስድስት ወር ላልበለጠ ጊዜ በተጠባባቂነት መድቦ ማሠራት ይችላል፤ ነገር ግን ከስድስት ወር በላይ በተጠባባቂነት ካገለገለ ለኃላፊነት ቦታው የተፈቀደውን ሙሉ መብት ያገኛል፤
- ፭) ማንኛውም የፖሊስ አባል በጤና መታወክ ወይም በደረሰበት የአካል ጉዳት ምክንያት በተመደበበት የኃላፊነት ደረጃ ላይ በቀጣይነት ሊሠራ አለመቻሉ በሕክምና ማስረጃ ከተረጋገጠ፡-
  - (ሀ) ሊሠራ የሚችልበት ተመሳሳይ ደረጃ ወይም የሥራ ዓይነት ካለ በያዘው ደረጃ እንዲመደብ ይደረጋል፤
  - (ለ) ሊሠራ የሚችልበት ተመሳሳይ ደረጃ ወይም የሥራ ዓይነት ከሌለ የሚመጥነው ቦታ ላይ ተመድቦ እንዲሠራ ይደረጋል።

- (c) The rank of the member, service year his discipline and his work performance result.
- 2) Any police member shall serve for two years where he has been assigned unless there exists compelling circumstance;
- 3) Any police member shall take and work (perform) the assignment he has been given;
- 4) It is prohibited to remove and transfer from his place of assignment or making another assignment any police member without the knowledge of the body who has assigned him;
- 5) Where there exist compelling circumstance the commission may assign a police member on a higher position and make him work for not exceeding six months as an acting worker without salary increment. However where he serves acting worker for more than six months, he shall be granted with the full right permitted for such position;
- 6) Where it is proved by the medical evidence serve that any police member is unable to work on the leadership position he has been assigned due to sickness disease or due to bodily on jury he suffered:
  - (a) He shall be assigned on a similar level or type of work on which he can work, if any with the level he has;
  - (b) Where there is no work position on which he can work with similar level or type of work he shall be assigned on a position which fits him;

- 7) Miseensi hooggansa irra jiru tokko iddoo ramaddii hojii isaa irratti sababa mootummaan dirqama addaatiif barbadee yeroo ji'a sadii hin caalleef kan hin argamne yoo ta'e hooggana isatti aanee jiruuf bakka bu'iinsa kennuu ni danda'a.
- 8) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 7tti hoogganaan poolisii bakka bu'iinsa aangoo isaa kenne gara iddoo ramaddii hojii isaatti osoo hin deebi'in ji'a sadii oli kan turu yoo ta'e ittigaafatamaa ol'aanaan bakka bu'iinsi dabalataa ji'a sadiif akka dheeratu gochuudhaan iddoo sana dorggoommiif banaa gochuun namni bakka bu'iinsan ture dorgomaa qabxii olaanaa fideen qabxii walqixa yoo argate dursi miseensa bakka bu'ee tu reef in kennamaaf.
- 9) Ramaddii yookiin jijjiirraa miseensa poolisii iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti yeroo taasifamu baasiin geejibaa kan miseensichaa maatii fi meeshaalee mana keessaa adda addaa hunda komishinichaan uwwifama.

**17. Jijjiirraa**

- 1) Komishinichi barabaachisaa ta'ee yoo argame poolisii kamiyyuu hojii walfakkaatu yookiin hojii tokko irraa gara hojii birootti yookiin iddo tokko irraa gara iddoo birootti jijjiiree hojjachisuu ni danada'a.
- 2) Miseensi fedha isaatiin gaaffii jijjiirraa dhiyeessee akkaataa gaaffii isaatiin jijjiirraan yoo hayyamameef durgoon oolmaa fi baasiin geejibaa hin kaffalamuuf.
- 3) Haalli raawwii Dambii kanaa keewwata 16 fi 17 Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

- ፯) በአመራር ደረጃ ላይ ያለ አንድ አባል መንግሥት ለልዩ ግዴታ ስለፈለገ ምክንያት ከሦስት ወር ላልበለጠ ጊዜ በሥራ ገበታው ላይ በማይኖርበት ጊዜ ከእሱ ቀጥሎ ላለው ኃላፊ ውክልና ሊሰጥ ይችላል፤
- ፰) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፯ መሠረት የሥልጣኑን ውክልና የሰጠ የፖሊስ አባል ወደ ሥራ መደቡ ሳይመለስ ከሦስት ወር በላይ የሚቆይ ከሆነ የበላይ ኃላፊ ውክልናው በተጨማሪ ለሦስት ወር እንዲራዘም በማድረግ ቦታውን ለውድድር ክፍት በማድረግ ተወክሎ የቆየ ሰው ተወዳድሮ ክፍተኛ ነጥብ ያመጣ ተወዳዳሪ ጋር እኩል ነጥብ ካመጣ ተወክሎ ለነበረው አባል ቅድሚያ ይሰጠዋል፤
- ፱) የፖሊስ አባል ምደባ ወይም ዝውውር ከአንድ ቦታ ወደ ሌላ ቦታ በሚደረግበት ወቅት የአባሉ፣ የቤተሰቡና የልዩ ልዩ የቤት ውስጥ ዕቃዎች ማንንዣ ሙሉ ወጪ በኮሚሽኑ ይሸፈናል።

**፲፯. ዝውውር**

- ፩) አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ ኮሚሽኑ ማንኛውንም ፖሊስ ከተመሳሳይ ወይም ከአንድ ሥራ ወደ ሌላ ሥራ ወይም ከአንድ ቦታ ወደ ሌላ ቦታ በማዛወር ሊያሠራ ይችላል፤
- ፪) አባል በፍላጎቱ የዝውውር ጥያቄ አቀርቦ በጥያቄው መሠረት ዝውውሩ ከተፈቀደለት ውሎ አበልና የማንንዣ ወጪ አይከፈለውም፤
- ፫) የዚህ ደንብ አንቀጽ 16 እና 17 አፈፃፀም ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

- 7) Where a member on management post is unable to be present on his position for not more than three months since the government wants him for special duty he may give delegation for leadership next to his position;
- 8) Where the police head who has given delegation of his power pursuant to sub article 7 of this article stays for more than three months till he reruns to his position of assignment the higher management shall make the delegation to be extended for three additional months and make such position vacant or competition and where the person delegated score equal point with the competitor who score the highest point, he shall be given with priority;
- 9) Where the assignment or transfer of a police member from one position for the other is made the transport cost of the member, his family and his various household items transport cost shall be covered by the commission.

**17. Transfer**

- 1) The commission may transfer any police member from one work position or place of work to the other where it found necessary.
- 2) Where a police member submits request of transfer in his own will and such transfer is permitted as per his request he shall not be paid with allowance and transport costs
- 3) The implementation particulars of articles 16 and 17 this regulation shall be determined by the directive to be issued.



**18. Leenjii Hojii Irraa Yookiin Hojiin Ala Kennamu**

- 1) Miseensi poolisii kamiyyuu akkaataa barbaachisummaa isaatiin iddoo itti ramadame irratti dandeettii fi gahumsa isaa akka cimsatuuf leenjii hojii irraatii fi hojiin ala akka argatu ni taasifama.
- 2) Miseensi Poolisii kamiyyuu tajaajila waggaa torbaa kennuun akkuma jirutti ta'ee, hojiin ala ta'ee leenjii ji'a 6 ol yoo fudhate hanga yeroo leenjichi fudhate tajaajiluuf dirqama qaba.

**19. Barumsa Hojiin Ala Kennamu**

Miseensi kamiyyuu tajaajila waggaa torba kennuun akkuma jirutti ta'ee, hojiin ala ta'ee barumsa yoo barate hanga yeroo barumsichi fudhate tajaajilu qaba. Kana yoo hin taane mindaa fi baasii itti bahe hunda kaffaluuf dirqama qaba. Haalli barumsi hojiin alaa itti hayyamamuu fi raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Afur**

**Guddina Gonfoo fi Ramaddii Iddoo Ittigaafatamummaa**

**20. Kaayyoo**

Gonfii fi ramaddiin iddoo ittigaafatamummaa kaayyoo armaan gadii ni qabaata:

- 1) Guddina Gonfoo fi iddoo ittigaafatamummaa sadarkaa sadarkaadhaan kennamu fedhii humna namaa barabachisu gutuu; fi
- 2) Miseensota poolisii jajjabeessuun raawwii hojii Komishinichaa fooyyeessuuf ta'a.

**21. Guddina Gonfoo:**

- 1) Miseensii poolisii kamiyyuu haalli guddina gonfoo isa dhorkisisu kan jiru yoo ta'e malee akkaataa gabatee Dambii kana keewwata 98 tiin turmaata yeroo gonfoo yoo xumuree fi guddina gonfootiif raawwiin hojii isaa yoo xiqqaate quubsaa fi isaa ol yoo ta'ee guddina gonfoo itti aanu ni argata.

**፲፰. በሥራ ላይ ወይም ከሥራ ውጪ ስለሚሰጥ ሥልጠና**

- ፩) ማንኛውም የፖሊስ አባል እንደ አስፈላጊነቱ በተመደበበት ቦታ ላይ ክህሎቱንና ብቃቱን እንዲያጠናክር በሥራ ላይ ወይም ከሥራ ውጪ ሥልጠና እንዲያገኝ ይደረጋል፤
- ፪) ማንኛውም የፖሊስ አባል የሰባት ዓመት አገልግሎት መስጠት እንዳለ ሆኖ፤ ከሥራ ውጪ ሆኖ ከስድስት ወር በላይ ሥልጠና ከወሰደ ሥልጠና የወሰደበት ያህል ጊዜ የማገልገል ግዴታ አለበት፡፡

**፲፱. ከሥራ ውጪ የሚሰጥ ትምህርት**

ማንኛውም አባል የሰባት አመት አገልግሎት መስጠቱ እንዳለ ሆኖ፤ ከሥራ ውጪ ሆኖ ትምህርት ከተማረ ትምህርቱን የወሰደበት ጊዜ ያህል ማገልገል አለበት፡፡ ይህ ካልሆነ የወጣበትን ደመወዝና ወጪ በሙሉ የመክፈል ግዴታ አለበት፡፡ ከሥራ ውጪ ትምህርት የሚፈቀድበት ሁኔታና አፈፃፀሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**ክፍል አራት**

**የማዕረግ እድገትና የኃላፊነት ቦታ ምደባ**

**፳. ዓላማ**

የኃላፊነት ቦታ ምደባና ማዕረግ የሚከተሉት አላማ ይኖሩታል፡-

- ፩) በየደረጃ የሚሰጠው የማዕረግ እድገትና የኃላፊነት ቦታ የሚያስፈልገውን የሰው ኃይል ፍላጎት ለሚሟላት፤ እና
- ፪) የፖሊስ አባላትን በማበረታታት የኮሚሽኑን የሥራ አፈፃፀም ለማሻሻል ይሆናል፡፡

**፳፩. የማዕረግ እድገት**

- ፩) ማንኛውም የፖሊስ አባል የማዕረግ እድገትን የሚያስከለክሉ ሁኔታዎች ከሌሉ በስተቀር በዚህ ደንብ አንቀፅ ፺፰ ሠንጠረዥ መሠረት የማዕረግ ቆይታ ጊዜ ካጠናቀቀና ለማዕረግ እድገት የሥራ አፈፃፀም አጥጋቢና ከዚያ በላይ ከሆነ የሚቀጥለውን የማዕረግ እድገት ያገኛል፤

**18. Providing on-job or off-job training**

- 1) Any police member shall be made to get the one job or off job training as deemed necessary to an able him strengthen his ability and efficiency
- 2) Without prejudice to serve for seven years of any police member he shall serve up to the period that the training takes where he attends off job training for more than 6 months.

**19. Off-job education**

Any member shall, without prejudice to providing service for seven years, serve for the period that such education has taken where he attends of-job education. Failure to do so, he shall pay the salary and all the costs spent for him. The situation of permitting off-job education and its implementation shall be determined by the directive to be issued.

**Part Four**

**Promotion in Rank and Assignment to a position**

**20. Objective**

Rank promotion and Assignment to position shall have the following objective:

- 1) Fulfilling the required man power through rank promotion and assignment to position granted in hierarchical levels; and
- 2) Promoting the performances of the Commission through motivating the police members.

**21. Promotion in rank**

- 1) Any police member shall acquire the next rank promotion where he has completed period of stay for rank promotion in accordance with the table under article 98 of this regulation and where his work performance is at least satisfactory and above for rank promotion unless there exist conditions prohibiting rank promotion.

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee;
  - (a) Miseensi poolisii hojii addaa hojjate yookiin raawwii bu'aa hojii adda ta'e galmeessise yookiin hojii kalaqa addaa ta'e uume (hojjate) guddinni gonfoo ariifachiisaan kennamuufii ni danda'a.
  - (b) Guddinni gonfoo Saajiin Ol'aanaa irraa gara Gargaaraa Inispeektaraatti taasifamu qormaataa fi leenjii qondaalummaa kennamuun ta'a. Ulaagaa dorgommii kan guutuu fi qormaata kennamu kan darbu gonfoo gadii aanaas yoo qabate miseensi poolisii tokko Gargaaraa Inispeektaraatiif dorgomuu ni danada'a.
  - (c) Guddinni gonfoo Inispeektara irraa gara Inispeektara olaanaattii fi Komaandara irraa gara Gargaaraa Komishinaraatti taasifamu dorgommiidhaan ta'a. Haallii raawwii isaa Qajeelfama baahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3) Miseensi poolisii kamiyyuu barnoota qondaalummaa gonfoo argamsiisaniin alatti gosa barumsa kaminiyyuu barachuu/leenji'uu isaatiin qofa guddina gulantaa hin argatu; garuu dorgommii guddina gonfoof qabxii murtaa'e kennisiisuu danda'a.
- 4) Guddina gonfoo argachuun qofti faayidaa gulantichi kennisiisuun alatti guddina ittigaafatamummaa sadarkaa hin kennisisu.

**22. Aangoo Guddina Gonfoo Kennuu**

Akkaataa Dambii kanaatiin guddinni gonfoo miseensoota Poolisii kan kennamu:

- 1) Gonfoo Gargaaraa Komishinaraa fi isaa ol jiru Pirezidaantii Naanichaatiin kan kennamu ta'a.

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፡-

(ሀ) የተለየ ሥራ የሠራ ወይም የተለየ የሥራ ውጤትን ያስመዘገበ ወይም የተለየ የፈጠራ ሥራ የሠራ የፖሊስ አባል የተፋጠነ የማዕረግ እድገት ሊሰጠው ይችላል፤

(ለ) ከከፍተኛ ሳይን ወደ ረዳት ኢንስፔክተር የሚደረግ የማዕረግ እድገት በሚሰጠው የመኮንንነት ፈተና እና ሥልጠና ይሆናል፤ የውድድሩን መሥራርት የሚያሟላና የሚሰጠውን ፈተና የሚያልፍ ዝቅተኛ ማዕረግ ብኖረውም አንድ የፖሊስ አባል ለረዳት ኢንስፔክተርነት ማዕረግ መወዳደር ይችላል፤

(ሐ) ከኢንስፔክተር ማዕረግ እድገት ወደ ዋና ኢንስፔክተርና ከኮሚንደር ወደ ረዳት ኮሚሽነር የሚደረግ የማዕረግ እድገት በውድድር ይሆናል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

፫) ማንኛውም የፖሊስ አባል የማዕረግ እድገት ከሚያስገኝ የመኮንንነት ትምህርት በስተቀር ማንኛውንም የትምህርት ዓይነት በመማሩ ወይም በመሠልጠኑ ብቻ የማዕረግ እድገት አያገኝም፤ ይሁን እንጂ ለማዕረግ እድገት ውድድር የተወሰነ ነጥብ ሊያሰጠው ይችላል፤

፬) የማዕረግ እድገት ማግኘት ብቻ ማዕረጉ ከሚያስገኝለት ጥቅም ውጪ የኃላፊነት ደረጃ እድገት አያሰጥም፡፡

**፳፪. የማዕረግ እድገት የመስጠት ሥልጣን**

በዚህ ደንብ መሠረት ለፖሊስ አባላት የማዕረግ እድገት የሚሰጠው፡-

፩) የረዳት ኮሚሽነርና ከዚያ በላይ ያለ የማዕረግ እድገት በክልሉ ፕሬዝዳንት የሚሰጥ ይሆናል፤

2) Without prejudice to sub article1 of this article:

- (a) Police member who has accomplished an exceptional performance or has registered exceptional performance achievements or has created or performed outstanding innovation may be entitled to an accelerated promotion;
- (b) The rank promotion to be made from chief sergeant to assistant inspector shall be through an examination and officer ship training. Any police member holding a lower rank may compete for the rank of assistant inspector where he fulfills the eligibility criteria and pass the examination;
- (c) A rank promotion to be made from the rank of inspector to chief inspector and from commander to assistant commissioner shall be through competition. Its implementation shall be decided by the directive to be issued.

- 3) The fact that any police member has attended education or training in any field other than education qualifying for an officer ship of rank shall not entitle him acquire step increment; However, it may hold certain points for competition of rank promotion;
- 4) Acquiring rank promotion only shall not qualify for appointment to a position except for the acquisition of the benefits accorded to the rank.

**22. Granting Rank Promotion**

In accordance with this regulation, rank promotion of the police members shall be granted:

- 1) Rank to assistant commissioner and above shall be granted by the president of the regional state;

- 2) Gonfoo Gargaaraa Inispeektara irraa eegalee hanga Komaandaraa jiruu fi kan miseensoota Poolisii Istaafii Komishinii fi Eegumsa VIP Gargaaraa Saajiin irraa eegalee hanga Saajiin Ol'aanaa jiru Komishinara Jenaraalaatiin kan kennamu ta'a.
- 3) Gonfi Gargaaraa Saajiin irraa eegalee hanga Saajiin Ol'aanaa jiru:
  - (a) Kan miseensoota Poolisii Kollejji Oromiyaa karaa Daayireektara Kollejji Poolisii Oromiyaatiin kan kennamu ta'a.
  - (b) Kan miseensoota Poolisii Godinaa, Magaalaa fi Aanaa irra jiran karaa Hoogganaa Poolisii Godinaa yookiin Magaalaatiin kan kennamu ta'a.

- ፪) ከረዳት ኢንስፔክተር ማዕረግ ጀምሮ እስከ ኮሚንደር ያለውና የኮሚሽን እስተዳድር ፖሊስ አባላትና ከረዳት ሳጅን VIP ጥበቃ ጀምሮ እስከ ዋና ሳጅን ያለው የማዕረግ እድገት በኮሚሽነር ጀነራል የሚሰጥ ይሆናል፤
- ፫) ከረዳት ሳጅን እስከ ዋና ሳጅን ያለው የማዕረግ እድገት፡-
  - (ሀ) የአሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ አባላት በአሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ ዳይሬክተር የሚሰጥ ይሆናል፤
  - (ለ) የዞን፣ የከተማና የወረዳ ፖሊስ አባላት በዞን ወይም በከተማ ፖሊስ ኃላፊ በኩል የሚሰጥ ይሆናል፡፡

- 2) Rank from assistant Inspector up to commander and police members staffs of the commission and VIP securities from assistant sergeant up to chief sergeant shall be granted by the commissioner General;
- 3) Regarding the rank starting from assistant sergeant up to chief sergeant:
  - (a) For the police members that are staffs of Oromia Police College, the rank shall be granted by the director of Oromia Police College;
  - (b) For the police members at the Zones, Cities and Districts the rank shall be granted by the head of the Zone or the City police.

**23. Adeemsa Calallii Guddina Gonfoo**

Adeemsi calallii guddina Gonfoo sadarkaa sadarkaan jiru karaa Adeemsa Hojii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaatiin ta'ee haala armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

- 1) Galmeen dorgomtootaa bu'uurra ulaagaa jiruun sirrii fi haala guutuu ta'een calalamee dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa;
- 2) Ragaa fi muuxannoon hojii dorgomtootaa sirrii ta'uu isaa ni mirkaneessa;
- 3) Dorgomtoota dhiyaatan bu'uurra ulaagaatiin dorgomsiisee sadarkaan ni kaa'a;
- 4) Adeemsi hojii kun waa'ee dorgomtootaa ilaalchisee waan qulqullaa'uu qabu jira jedhee kan itti amanu yoo ta'e kutaa hojii poolisii kamiyyuu irraa qulqulleffachuu ni danda'a;
- 5) Dorgomtoota qabxii caalmaa argatan filuun yaada murtii waliin Hoogganaa sadarkaa sadarkaadhaan jiruuf ni dhiyeessa;
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-5 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, barbaachisaa ta'e yoo argame Adeemsi Hojii Bulchiinsa Qabeenya Humna namaa adeemsa kenna Gonfoo kan calalu koree hundeesuu ni danda'a. Haalli raawwii kenna Gonfoo fi adeemsa calallii Qajeelfama bahuun kan murtaa'uu ta'a.

- ፳፫. የማዕረግ እድገት የማጣራት ሒደት የማዕረግ እድገት የማጣራት ሒደት በየደረጃ ባለው የሰው ሐብት አስተዳደር የሥራ ሒደት በኩል ሆኖ በሚከተለው ሁኔታ የሚከናወን ይሆናል፡-
  - ፩) የተወዳዳሪዎች ማህደር ባለው መሥሪያቤት በትክክልና በተሟላ ሁኔታ ተጣርቶ መቅረቡን ያረጋግጣል፤
  - ፪) የተወዳዳሪዎች የሥራ ልምድና ማስረጃ ትክክል መሆኑን ያረጋግጣል፤
  - ፫) የቀረቡ ተወዳዳሪዎችን በመሥሪያቤቱ መሠረት አወዳድሮ በደረጃ ያስቀምጣል፤
  - ፬) ይህ የሥራ ሒደት ተወዳዳሪዎችን በተመለከተ መጣራት ያለበት ነገር አለ ብሎ የሚያምንበት ከሆነ ከየትኛውም የፖሊስ ክፍል ማጣራት ይችላል፤
  - ፭) የላቀ ውጤት ያገኙ ተወዳዳሪዎችን በመምረጥ ከውሳኔ ሐሳብ ጋር በየደረጃው ላሉ ኃላፊዎች ያቀርባል፤
  - ፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩-፭ ሥር የተደነገገው እንዳለ ሆኖ፣ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ የሰው ሐብት አስተዳደር የሥራ ሒደት የማዕረግ አሰጣጥ ሒደትን የሚያጣራ ኮሚቴ ሊያቋቁም ይችላል፤ የማዕረግ አሰጣጥና የማጣራት ሒደት ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**23. Screening process for rank promotion**

The screening process of rank promotion of hierarchical levels shall be made through the human resource administration work process; and shall be implemented as follows:

- 1) Ensure that the files of competitors to be correctly and fully screened and submitted depending on the criteria set forth;
- 2) Ensure that the evidences and work experiences of the competitors to be correct and genuine;
- 3) Conduct competition of the contestants appeared as per the criteria set forth and put in ranks;
- 4) Where this work process believes that there exist an issue to be investigated regarding the competitors, it may do so from any work process of the police;
- 5) It Shall select the competitors who score better results and submit to the heads of each hierarchies with its decision opinion;
- 6) Without prejudice to the provisions stipulated under sub article 1-5 of this article, the human resource administration work process may establish a committee which screens out the process of granting rank promotion where it is found necessary; the implementation of granting rank and its screening process shall be decided by the directive to be issued.



**24. Ramaddii Iddoo Ittigaafatamummaa**

- 1) Miseensi poolisii kamiyyuu ha-laawwan ramaddii iddoo ittigaafatamummaa dhorkisisan yoo jiraataniin alatti bakka duwwaa ittigaafatamummaa jiru irratti ulaagaa kan guutu yoo ta'e dorgomuu ni danda'a. Ulaagaan dorgommii Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Guddina ittigaafatamummaa argachuun mindaa fi faayidaa iddoon sun argamsiisuu danda'u argachuun alatti guddina gonfoo hin kennisiisu; haa ta'u malee dorgommii gonfootiif tilmaama keessa ni gala.

**25. Guddina Gonfoo fi Iddoo Ramaddii Ittigaafatamummaatiif Haalawwan Dursa Kennisiisan**

- 1) Dorgomtoonni guddina gonfoo fi iddoo ittigaafatamummaatiif dhiyaatan qabxii dorgommii walqixaa yoo galmeessisan miseensa gonfoo dursa argateef dursi ni kennamaaf. Gonfoo fi qabxiin isaanii walqixa yoo ta'e hooggansa ramaddii gaggeessuun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Dorgomtoonni guddina gonfoo fi iddoo ramaddii ittigaafatamummaatiif dorgommiif dhiyaatan qabxiin isaanii fi gonfoon isaanii walqixaa yoo ta'e dubartootaf dursi ni kennama.

**26. Haalawwan Guddinaa fi Ramaddii Ittigaafatamummaaf Dorgomuu Dhorkisiisan Miseensi Poolisii Kamiyyuu:**

- 1) Akkaataa Dambii kanaatiin adabbiin naamusaa kan itti murtaa'ee fi yeroo adabbii isaa kan hin xumurre yoo ta'e yookiin himatamee adeemsa irra kan jiruu fi kan itti hin murtoofne yoo ta'e;
- 2) Yakkaan himatamee Mana Murtiitiin kan adabamee fi adabbichi erga xumuramee eegalee daangaa yeroo rikardii Dambii kana keewwata 77 (1)(b) jalaatti ibsame kan hin guunne yoo ta'e guddina gonfoo fi ramaddii bakka ittigaafatamummaaf dorgomuu hin danda'u.

**፳፬. የኃላፊነት ቦታ ምደባ**

- ፩) ማንኛውም የፖሊስ አባል የኃላፊነት ቦታ ምደባን የሚያስከለክሉ ሁኔታዎች ከሌሉ በስተቀር ባለው ክፍት የኃላፊነት ቦታ ላይ መሥራርቱን የሚያሟላ ከሆነ መወዳደር ይችላል፤ የመወዳደሪያ መሥራርት በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
- ፪) የኃላፊነት እድገትን ማግኘት ቦታው ማስገኘት የሚችለውን ደግገና ጥቅማ ጥቅም ከማግኘት ውጪ የማዕረግ እድገትን አያሰጥም፤ ይሁን እንጂ ለማዕረግ እድገት ውድድር ከግምት ውስጥ ይገባል።

**፳፭. ለማዕረግ እድገትና ለኃላፊነት ቦታ ምደባ ቅድሚያ የሚያሰጡ ሁኔታዎች**

- ፩) ለማዕረግ እድገትና ለኃላፊነት ቦታ ውድድር የሚቀርቡ ተወዳዳሪዎች ተመሳሳይ የውድድር ውጤት ካስመዘገቡ ቀድሞ ማዕረግ ላገኘው አባል ቅድሚያ ይሰጣል፤ ማዕረጋቸውና ነጥባቸው እኩል ከሆነ ምደባ በሚያካሄደው አመራር የሚወሰን ይሆናል፤
- ፪) ለማዕረግ እድገትና ለኃላፊነት ቦታ ምደባ የሚቀርቡ ተወዳዳሪዎች ነጥባቸውና ማዕረጋቸው እኩል ከሆነ ለሴቶች ቅድሚያ ይሰጣል።

**፳፮. ለኃላፊነት እድገትና ምደባ ለመወዳደር የሚያስከለክሉ ሁኔታዎች**

- ማንኛውም የፖሊስ አባል፡-
- ፩) በዚህ ደንብ መሠረት የሥነ ምግባር ቅጣት የተወሰነበትና የቅጣት ጊዜውን ያልጨረሰ ከሆነ ወይም ተከሶ በሐዲት ላይ ያለና ያልተወሰነበት ከሆነ፤
- ፪) በወንጀል ተከሶ በፍርድ ቤት የተቀጣና ቅጣቱ ከተጠናቀቀ ጀምሮ በዚህ ደንብ አንቀፅ ፸፯ ንዑስ አንቀፅ ፩ (ለ) ሥር የተገለፀው የሪከርድ ጊዜ ገደብ ያልተሟላ ከሆነ የማዕረግ እድገትና የኃላፊነት ቦታ ምደባ ላይ መወዳደር አይችልም።

**24. Assignment to a position**

- 1) Any police member unless there exist prohibitions of assignment to a position may compete on the vacant position where he meets the criteria for such position. The competition criteria shall be decided by the directive to be issued;
- 2) Promotion for a position shall not grant promotion in rank except for the salary and benefits accorded to such position. However, it shall be taken in to account for rank promotion.

**25. Conditions entitling preference for rank promotion and Assignment to a position.**

- 1) Where the police members compete as candidates for promotion in rank and assignment to a position score equal competition results, preference shall be given for the senior member in acquiring rank promotion. Where their rank and result becomes equal, it shall be decided by the leadership conducting the assignment;
- 2) Where the competitors compete as candidates for rank promotion and assignment to apposition have equal results and ranks, preference shall be given for females.

**26. Conditions prohibiting competition for rank promotion and Assignment to a position**

- Any Police member:
- 1) He was sentenced with disciplinary penalty in accordance with the provisions of this regulation and has not yet completed his penalty period or he has been accused and his case is pending and he has not been sentenced;
  - 2) He has been accused of committing crime and sentenced by court and has not fulfill the time limit of the record specified under article 77 sub article 1(b) of this regulation after completing the penalty.

**27. Guddina Gonfoo Yookiin Ittigaafatamummaa Irraa Haquu**  
Guddinni gonfoo yookiin ramaddiin ittigaafatamummaa ragaa sobaa dhiyeessuun yookiin gocha seeraan ala raawwatee yoo argame ittigaafatamummaa adabbii naamusaa fi yakkaa hordofsiisuun akkuma jirutti ta'ee yeroo kamiyyuu ni haqama.

**28. Aangoo Guddina Gonfoo Haquu**

- 1) Gonfoo Gargaaraa Komishinara irraa hanga Komishinaraatti jiru Koree Naamusaa fi Gumii Bulchiinsaa sadarkaa sadarkaadhan jiruun erga ilaalameen booda yaada murtii waliin karaa Komishinara Jeneralaatiin Pirezidaantiif dhiyaatee yoo mirkanaa'ee haqama.
- 2) Gargaaraa Inispeektaraa irraa hanga Komaandaraatti gonfoon haqamu Koree Naamusaa fi Gumii Bulchiinsaa sadarkaa sadarkaadhaan jiruun ilaalamee Komishinara Jeneralaatiif dhiyaatee mirkanaa'a.
- 3) Gargaaraa Saajiin irraa hanga Saajiin O'aanaatti gonfoon haqamu Koreen Naamusaa sadarkaa sadarkaadhaan jiru ilaalee Hoogganaa Poolisii Godinaa yookiin Magaalaatiin calalamee dhiyaatee Komishinara jeneralaatiin Mirkanaa'a. Haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'uu ta'a.

**29. Mallattoo Gonfoo**

Miseensi Poolisii kamiyyuu poolisummaa fi gonfoo isaa ibsuu kan dandeessisu mallattoo gonfoo uffata seeraa waliin ni uffata. Haalli haalluu mallattoo gulantaa Istaandardii akka biyyaatti bahuun ta'a.

**፳፯. ኮማንዳንት ስርዓት ወይም ኮንሰልት ማረጋገጫ**

የሀሰት ማስረጃ በማቅረብ ወይም ሌላ ወጥ ድርጊት በመሥራት የተገኘ የኮማንዳንት ስርዓት ወይም የኃላፊነት ቦታ ምደባ የሚያስከትለው የሥነ ምግባር ወንጀል ቅጣት ተጠያቂነት እንደተጠበቀ ሆኖ በማንኛውም ጊዜ ይሠረዛል።

**፳፰. የኮማንዳንትን የመሠረዝ ሥልጣን**

፩) ከረዳት ኮሚሽነር ጀምሮ እስከ ኮሚሽነር ማዕረግ ያለው በሥነ ምግባር ኮሚቴና በየደረጃው ባለ የአስተዳደር ጉባኤ ከታየ በኋላ ከውሳኔ ሐሳብ ጋር በኮሚሽነር ጀነራል በኩል ለፕሬዝዳንቱ ቀርቦ ከፀደቀ ይሠረዛል፤

፪) ከረዳት ኢንስፔክተር እስከ ኮሚንደር ድረስ የሚሠረዝ ማዕረግ በየደረጃው ባለ የሥነ ምግባር ኮሚቴና አስተዳደር ጉባኤ ታይቶ ለኮሚሽነር ጀነራል ቀርቦ ይጸድቃል፤

፫) ከረዳት ሳጅን እስከ ዋና ሳጅን ያለ የሚሠረዝ ማዕረግ በየደረጃው ባለ በሥነ ምግባር ኮሚቴ ታይቶ በዞን ወይም በከተማ ፖሊስ ኃላፊ ተጣርቶ ቀርቦ በኮሚሽነር ጀነራል ይፀድቃል። የአፈ.ባፀመ. ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

**፳፱. የኮማንዳንት ምልክት**

ማንኛውም የፖሊስ አባል ፖሊስነቱንና ማዕረጉን መግለጽ የሚችል የኮማንዳንት ምልክት ከደንብ ልብስ ጋር ይለብሳል፤ የምልክቱ ቀለም ሁኔታ እንደ ሀገር በሚወጣ ስታንዳርድ ደረጃ ይሆናል።

**27. Revocation of Rank promotion and Assignment to position**

A Rank promotion and Assignment to position obtained by submitting fraudulent evidences or through contravening the law shall be revoked at any time in addition to its disciplinary and criminal liabilities.

**28. Power to revoke rank promotion**

- 1) A promotion in rank from assistant commissioner up to the commissioner shall firstly be examined by the discipline committee and administrative council of each levels and submitted to the president through the Commissioner General with decision opinion and be revoked where approved;
- 2) A rank promotion from Assistant Inspector up to commander shall be revoked by firstly examined by discipline committee and the Administrative council of each levels and submitted to the Commissioner General and here shall be revoked where approved;
- 3) A promotion in rank from Assistant sergeant up to chief sergeant be revoked by firstly examined by discipline committee of each levels and shall be screened by the head of zone or city police and submitted to the Commissioner General for approval. Its implementation shall be decided by the directive to be issued.

**29. Rank Insignia**

Any police member shall wear a rank insignia with his uniform describing his being a police and his rank. The color of the rank insignia shall be as per the standard issued nationally.

**Kutaa Shan**  
**Mindaa, Uffannaa Seeraa, Hidhannoo,**  
**Asxaa fi Waraqaa Eenyummaa.**

**30. Iskeelii Mindaa**  
Komishinichi Istaandard-ii akka biyyaatti bahu irratti hudaa'uudhaan Iskeelii mindaa miseensota poolisiitiif tajaajilu Mootummaa Naannichaatiif dhiyeessee yammuu hayyama-me hojiirra ni oolcha.

- 31. Raawwii Kaffaltii Mindaa**
- 1) Mindaan miseensaa kan kaffalamu jiini seenee guyyaa 26ffaa irraa eegalee hanga guyyaa dhuma ji'ichaatti ta'a.
  - 2) Haalli adda ta'e yoo qunnameen alatti mindaan miseensaa kamiyyuu guyyaa hojii fi iddo hojiitti kan kaffalamu ta'a.
  - 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Komishinichi kaffaltii mindaa karaa baankii filateen rawwachuu ni danda'a.
  - 4) Miseensi kamiyyuu mindaa isaa akka kaffalamuuf akkaataa seeraatiin nama birootiif bakka bu'iinsa kennuu ni danda'a.

- 32. Dabalata Irkanii**
- 1) Bu'aan madaallii raawwii hojii miseensa poolisii kamiyyuu quubsaa yookiin isaa ol yoo ta'e irkanii gulantaa miseensichi qabatee jiru irratti hundaa'ee waggaa lama lamaan dabalata irkanii ni argata.
  - 2) Dabalanni irkanii miseensa poolisii kamiifiyyuu taasifamu akkaataa keewwata kana kewwata xiqqaa 1 irratti tumameen bu'aa raawwii hojii miseensicha irratti hundaa'uudhaan ta'a.
  - 3) Miseensi poolisii tokko bu'aa raawwii hojii quubsaa kan hin arganne yoo ta'e dabalata irkanii hin argatu.
  - 4) Miseensi poolisii guddina gonfoo argate ka'umsa mindaa gonfoo argate sanaaf murtaa'ee argata.

**ክፍል አምስት**  
**ደመወዝ፣ ደንብ ልብስ፣ ትጥቅ፣ አርማና የመታወቂያ ካርድ**

**፴. የደግዝ ስኬል**  
ኮሚሽኑ እንደ ሀገር በሚወጣ ስታንዳርድ ላይ በመመሥረት ለፖሊስ አባላት የሚያገለግል የደግዝ ስኬል ለክልሉ መንግሥት አቅርቦ ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል።

- ፴፩. የደግዝ ክፍያ አረጋግጫ**
- ፩) የአባል ደመወዝ የሚከፈለው ወር ገብቶ ከ፳፯ኛ ቀን ጀምሮ እስከ ወሩ መጨረሻ ይሆናል፤
  - ፪) የተለየ ሁኔታ ካላጋጠመ በስተቀር የማንኛውም አባል ደመወዝ በሥራ ቀንና በሥራ ቦታ የሚከፈል ይሆናል፤
  - ፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፪ ሥር የተደነገገው እንዳለ ሆኖ፣ ኮሚሽኑ የደግዝ ክፍያን በመረጠው ባንክ በኩል ሊፈፀም ይችላል፤
  - ፬) ማንኛውም አባል ደግዞ እንዲከፈለው በሕግ መሠረት ለሌላ ሰው ውክልና መስጠት ይችላል።

- ፴፪. የዕርከን ጭማሪ**
- ፩) የማንኛውም ፖሊስ አባል የሥራ አፈፃፀም ምዘና ውጤት አጥጋቢ ወይም ከዚያ በላይ ከሆነ አባሉ ይዞ ባለው ደረጃ እርከን ላይ ተመሥርቶ በየሁለት አመቱ የዕርከን ጭማሪ ያገኛል፤
  - ፪) ለማንኛውም ፖሊስ አባል የሚደረገው የዕርከን ጭማሪ በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ላይ በተደነገገው መሠረት የአባሉ የሥራ አፈፃፀም ውጤት ላይ በመመሥረት ይሆናል፤
  - ፫) አንድ የፖሊስ አባል አጥጋቢ የሥራ አፈፃፀም ውጤት ያላገኘ እንደሆነ የዕርከን ጭማሪ አያገኝም፤
  - ፬) የማዕረግ እድገት ያገኘ የፖሊስ አባል ላገኘው ማዕረግ የተወሰነውን መነሻ ደመወዝ ያገኛል፤

**Part Five**  
**Salary, uniform, Equipment, Emblem and Identity Card**

**30. Salary scale**  
The commission shall submit the salary scale applicable for the police members to the regional government and implement upon approval depending on the standard set nationally.

- 31. Performance of payment of salary**
- 1) The salary of any member shall be paid beginning from 26th day up to the end of the month;
  - 2) Unless a different situation encounters, salary of any member shall be paid on a working day and at the workplace;
  - 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the commission may perform the payment of salary through the bank it selects;
  - 4) Any member may delegate another person to receive his salary in accordance with the law.

- 32. Step Increment**
- 1) Where the performance evaluation result of any police member is satisfactory or above, he shall be entitled to salary increment within two years intervals based on his present level;
  - 2) The salary scale increment to be made for any police member shall be on the basis of work performance result of the member as stipulated under sub article 1 of this article;
  - 3) The police member who fail to score satisfactory work performance result shall not be entitled to a salary scale increment;
  - 4) A police member who has acquired rank promotion shall be entitled to get the base salary decided for the rank he has acquired;



- 5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, miseensi guddina gonfoo argate tokko guddinaa gonfoo osoo hin argatiin dura mindaan kaffalamaafii ture gonfoo kaadhimamaa argatu yoo caale yookiin qixa yoo ta'e dabalata irkanii tokko ni argata.
- 6) Miseensi poolisii tokko iddoo ol'aanaa ittigaafatamummaatti yoo ramadame ka'umsa mindaa bakka kaadhimamaa itti ramadame sanaa argata. Haa ta'u malee ramaddii osoo hin argatin dura mindaan inni argatu mindaa iddoo kaadhimamaa irratti ramadame sana yoo caale yookiin qixa yoo ta'e dabalata mindaa irkanii tokko ni argata.

- ፭) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፬ ሥር የተደነገገው አንደተጠበቀ ሆኖ፤ የማዕረግ እድገት ያገኘ አንድ አባል የማዕረግ እድገቱን ከማግኘቱ በፊት ይከፈለው የነበረው ደመወዝ በእጩነት ከተመደበበት ማዕረግ ከሚያገኘው ከበለጠ ወይም እኩል ከሆነ የአንድ ዕርክን ጭማሪ ያገኛል፤
- ፮) አንድ የፖሊስ አባል በከፍተኛ የኃላፊነት ቦታ ከተመደበ በእጩነት የተመደበበትን ቦታ መነሻ ደመወዝ ያገኛል፤ ይሁን እንጂ ምደባ ከማግኘቱ በፊት የሚያገኘው ደመወዝ በእጩነት ከተመደበበት ቦታ ደመወዝ ከበለጠ ወይም እኩል ከሆነ የአንድ ዕርክን ጭማሪ ያገኛል፡፡

- 5) Without prejudice to the provision of sub article 4 of this article, where a police member promoted in rank has been receiving a salary which exceeds or equal to the salary of a candidate of such rank before acquiring rank promotion, he shall be entitled to get one step salary increment;
- 6) A police member assigned to a higher position shall be entitled to the base salary of the position he has been assigned as a candidate; however, where his existing salary before his assignment to a position exceeds or equal to the salary of the position he has been assigned as candidate, he shall be entitled to get one step salary increment.

**33. Mindaa Qabuu Yookiin Kutuu**

- 1) Mindaan miseensa poolisii kamiyyuu haalawwan armaan gadiitiin ala qabamuu yookiin kutamuu hin danada'u:
  - (a) Fedhii yookiin waliigaltee miseensichaatiin; yookiin
  - (b) Ajaja Mana Murtiitiin; yookiin
  - (c) Akkaataa Dambii kanaa yookiin seerota biroo dhimmichi ilaaluun.
- 2) Miseensa poolisii irraa sabaaba kaminiyyuu mindaan citu 1/3ffaa caaluu hin qabu.

- ፴፫. ደመወዝን መያዝ ወይም መቆረጥ
- ፩) የማንኛውም ፖሊስ አባል ደመወዝ ከሚከተሉት ሁኔታዎች ውጭ መያዝ ወይም መቆረጥ አይችልም፡-
  - (ሀ) በአባሉ ፍላጎት ወይም ስምምነት፤ ወይም
  - (ለ) በፍርድ ቤት ትዕዛዝ፤ ወይም
  - (ሐ) በዚህ ደንብ መሠረት ወይም ጉዳዩ በሚመለከተው ሌሎች ሕጎች መሠረት፡፡
- ፪) ከፖሊስ አባል የሚቆረጠው ደመወዝ በማንኛውም ምክንያት ከአንድ ሦስተኛ (1/3) መብለጥ የለበትም፡፡

**33. Attachment Or Deduction of salary**

- 1) The salary of any police member shall not be attached or deducted except in the conditions mentioned below:
  - (a) The consent or agreement of the member; or
  - (b) By the court order; or
  - (c) In accordance with this regulation or other laws which the matter concerns.
- 2) The amount to be deducted from the salary of a police member shall not exceed 1/3 of the salary for whatever reason.

**34. Kaffaltii Durgoo Oolmaa, Ogummaa, Iddoo Ittigaafat-amummaa fi Faayidaalee Adda Addaa**

- 1) Miseensi Poolisii kamiyyuu hojii mootummaatiif iddoo hojii idilee isaa irraa fagaatee yeroo deemu kaffaltii durgoo oolmaa fi geejjibaa akka seera faayinaansiitiin ni kaffalamaaf. Haa ta'u malee miseensota gareedhaan salgii fi isaa ol dirqama addaatiif deemaniif durgoo nyaataa yookiin reeshinaatu kennamaaf.

- ፴፬. የውሎ አበል፣ የሞያ፣ የኃላፊነት ቦታና የተለያዩ ጥቅማ ጥቅሞች ክፍያ
- ፩) ማንኛውም የፖሊስ አባል ለመንግሥት ሥራ ከመደበኛ የሥራ ቦታው ርቆ ሲሄድ የውሎ አበልና የትራንስፖርት ክፍያ በፋይናንስ ሕግ መሠረት ይከፈለዋል፤ ይሁን እንጂ በቡድን ወይም ከዘጠኝ በላይ ሆነው ለተለየ ግዳጅ ለሚሄዱ አበላት የምግብ ወይም የሬሽን አበል ብቻ ይሰጣቸዋል፤

**34. Payments of daily, professional and position allowances and Various Benefits.**

- 1) Any police member shall be paid daily allowances and travel expenses as per the finance laws where he goes far distances away from his regular work place for government duties; however, for the members who have gone in groups consisting of nine or more members for a special duty or operation, shall be provided with only food allowances or ration;

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, dabalataan humna gareedhan bobba'u kanaaf reeshina jiidhaan dhiyaa-chuufi ni danda'a.
- 3) Miseensonni Poolisii gonfoo fi sadarkaa ittigaafatamummaa walfakkaatu irra jiran kaffaltii durgoo fi faayidaa walqixa argatu.
- 4) Miseensi Poolisii ogummaa addaa qabuun tajaajila yammuu kennu durgoo ogummaa ni argata.
- 5) Komishinichi haala qabatamaa yeroo irratti hundaa'uudhaan durgoo nyaataa, ogummaa fi faayidaalee adda addaa akkaataa akaakuu isaanitiin xiinxalee mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha.
- 6) Miseensi poolisii kamiyyuu iddoowwan gammoojjummaan isaanii mootummaadhaan adda bahee durgoon gammoojjii itti kanfalamaa jirutti yoo ramadame akkaataa seera faayinaansiitiin durgoon gammoojjii ni kaffalamaaf.
- 7) Miseensi poolisii tokko iddoo ittigaafatamummaa yookiin ogummaa kaffaltii argamsiisu irratti ramadamee hojjachaa jiru sababa kaminiyyuu iddoo itti-gaafatamummaa yookiin ogummaa qabu irraa yoo ka'e mindaa iddoof yookiin ogummaaf kaffalamaafii jiru irraa ni ka'a.
- 8) Keewwata kana keewwata xiqqaa 7 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, miseensi poolisii iddoo ittigaafatamummaa yookiin ogummaa kaffaltii argamsiisu irratti ramadamee hojjachaa jiru Komishinichi itti amanee barumsa/leenjii ogummaa Poolisii hojiin ala ta'ee akka baratu (leenji'u) yoo murtaa'e mindaa iddoof yookiin ogummaaf kaffalamaafi jiru qabatee ni ka'a.

- ፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ሥር የተደነገገው አንዳለ ሆኖ፤ በተጨማሪ በቡድን ለግዳጅ ለሚሰማራ ለዚህ ኃይል እርጥብ ፊሽን ሊቀርብላቸው ይችላል፤
- ፫) በተመሳሳይ የኃላፊነት ማዕረግና ደረጃ ላይ ያሉ ፖሊስ አባላት እኩል ውሎ አበልና ጥቅማ ጥቅም ያገኛሉ፤
- ፬) የፖሊስ አባል ባለው የተለየ ጥያ አገልግሎት ሲሰጥ የጥያ አበል ያገኛል፤
- ፭) ኮሚሽኑ የጊዜው ተጨባጭ ሁኔታ ላይ በመመስረት የምግብ፣ የጥያና የተለያዩ ጥቅማ ጥቅሞችን በዓይነታቸው አጥንቶ ለመንግሥት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤
- ፮) ማንኛውም የፖሊስ አባል በረሃነታቸው በመንግሥት ተለይቶ የበረሃ አበል እየተከፈለ ባሉ ቦታዎች ከተመደበ በፊደናንስ ሕግ መሠረት የበረሃ አበል ይከፈለዋል፤
- ፯) አንድ የፖሊስ አባል ወይም በኃላፊነት ቦታ ወይም ክፍያ በሚያስገኝ ጥያ ተመድቦ እየሠራ በማንኛውም ምክንያት ከኃላፊነት ቦታ ወይም ከዚያ ጥያ ላይ ከተነሳ ለቦታው ወይም ለጥያው እየተከፈለ ያለው ደመወዝ ይነሳበታል፤
- ፰) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፯ ሥር የተደነገገው እንዳለ ሆኖ፤ በኃላፊነት ቦታ ወይም ክፍያ በሚያስገኝ ጥያ ላይ ተመድቦ እየሠራ ያለ የፖሊስ አባል ኮሚሽኑ አሚኖቦት ትምህርት ወይም የፖሊስ ጥያ ሥልጠና ከሥራ ውጪ ሆኖ እንዲማር ወይም እንዲሠለጥን ከተወሰነ ለቦታው ወይም ለጥያው እየተከፈለ ያለውን ደመወዝ ይዘ ይነሳል፤

- 2) Without prejudice to the provision of sub article 1 of this article, the force deployed in group may additionally be provided with soft ration;
- 3) Police members on similar rank and position shall acquire equal allowances and benefits;
- 4) Where a police member provides service with a different profession he possesses, he shall acquire profession allowances;
- 5) The Commission shall identify the food and profession allowances as well as various benefits in their varieties and submit to the government based on real existing situation of the time ;implement same up on approval;
- 6) Any police member shall be paid with desert allowance in accordance with finance law where he is working in areas identified as deserts by the government and are being paid desert allowances;
- 7) Where any police member has been removed from position or profession generating payment for whatever reason, he shall also be made leave the salary or allowance he has been paid for such position or profession;
- 8) Without prejudice to the provision under sub article 7 of this article, where the commission decides that the police member who is assigned and working on a position or profession generating income to learn or train off-job police profession education or training, he shall he shall be removed leaving the salary paid for such position or profession;

9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 7 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, miseensi sababa kaminiyyuu iddoo ittigaafatamummaa yookiin ogummaa irraa ka'e mindaa iddoof yookiin ogummaaf kaffalamaafii ture gadi lakkise, yeroo gara ittigaafatamummaa yookiin ogummaa kaffaltii argamsiisutti dhufu miseensota gonfoo fi mindaadhaan walqixa turan qaqqaban irratti ni sirraa'aaaf. Haalli raawwii keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**35. Haala Raabsaa Uffata Seeraa fi Hidhannoo**

- 1) Miseensi kamiyyuu uffata seeraa kan guyyaa, kan halkanii, kan hojii fi uffata kabajaa argachuuf mirga ni qaba.
- 2) Miseensi kamiyyuu hojii isaa kan gadi lakkise yoo ta'e uffata seeraa yammuu hojiirra ture osoo hin fudhatin hafe gaafachuuf mirga hin qabu.
- 3) Gosa uffata seeraa, yeroo itti raabsamuu fi haala uffannoo isaa ilaalchisee Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 4) Miseensi kamiyyuu hojii Koms-hinichaa raawwachuuf kan isa dandeessisu hidhannoo argachuuf mirga qaba.

**36. Asxaa fi Baajii**

- 1) Komishinichi kabaja ol'aantummaa seeraa, mirkanaa'uu ol'aantummaa seeraa fi tajaajilaa ummataa ta'uu isaa kan ibsu Asxaa mataa isaa ni qabaata.
- 2) Asxaan Komishinichaa waraqaa eenyummaa poolisii, gonfoo, uffannaa seeraa fi konkolaataa poolisii irratti, akkasumas haala Komishinichi murteessuun iddoo barabaachisaa ta'etti tajaajila kennuu ni danda'a.
- 3) Miseensi poolisii kamiyyuu gahee hojii isaa kan ibsu baajii keewwachuu qaba.

ህ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፯ ሥር የተደነገገው እንዳለ ሆኖ፤ በማንኛውም ምክንያት ከኃላፊነት ቦታ ወይም ከሞያ የተነሳ አባል ለቦታው ወይም ለሞያው እየተከፈለ ያለውን ደመወዝ ለቆ ወደ ኃላፊነት ወይም ክፍያ ወደሚያስገኝ ሞያ በመጣ ጊዜ በማዕረግና በደመወዝ እኩል የነበሩት አባሎች በደረሱበት ላይ ይስተካከልሉታል፤ የዚህ አንቀጽ አፈፃፀም በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**፴፮. የደንብ ልብስና ትጥቅ**

- ሐ) ማንኛውም አባል የቀን፣ የሌሊት፣ የሥራና የክብረ በዓል ደንብ ልብስ ለማግኘት መብት አለው፤
- ከ) ማንኛውም አባል ሥራውን የለቀቀ እንደሆነ ሥራ ላይ በነበረ ጊዜ ሳይወስድ የቀረውን ደንብ ልብስ ለመጠየቅ መብት የለውም፤
- ተ) የደንብ ልብስ አይነት፣ የሚከፋፈልበት ጊዜና የአለባበስ ሁኔታን በተመለከተ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
- ሀ) ማንኛውም አባል የኮሚሽኑን ሥራ ለማከናወን የሚያስችለውን ትጥቅ ለማግኘት መብት አለው።

**፴፯. አርማና ባጅ**

- ሐ) ኮሚሽኑ የሕግ የበላይነት ማስከበር፣ የሕግ የበላይነት ማረጋገጥና የህዝብ አገልጋይ መሆኑን የሚገልፅ የራሱ አርማ ይኖረዋል፤
- ከ) የኮሚሽኑ አርማ በፖሊስ መታወቂያ ካርድ፣ ማዕረግ፣ ደንብ ልብስና በፖሊስ ተሽከርካሪ ላይ እንዲሁም ኮሚሽኑ በሚወስነው ሁኔታ አስፈላጊ በሆነ ቦታ አገልግሎት መስጠት ይችላል፤
- ተ) ማንኛውም የፖሊስ አባል የሥራ ድርሻውን የሚገልፅ ባጅ ማድረግ አለበት፤

9) Without prejudice to the provision under sub article 7 of this article, where any police member who has been removed from position or profession leaving the salary he has been paid for the position or profession returns to a position or profession generating income, his salary shall be corrected on the rank and salary of those members who have been equal with him reached; The implementation of this article shall be determined by the directive to be issued.

**35. Distribution of uniform and Weapons**

- 1) Any police member shall have the right to get the day, night, work and title uniform;
- 2) Any police member who voluntarily resign his duty shall not have the right to request the uniform which he failed to take while was on duty;
- 3) The type of uniform, the time of distribution and the condition of the uniform shall be decided by the directive to be issued;
- 4) Any member shall have the right to get equipment which help him perform duties of the commission.

**36. Emblem and Badge**

- 1) The Commission shall have its own logo or emblem which describes that the commission works to ensure rule of law and as it is the servant of the public;
- 2) The Logo or Emblem of the Commission may serve on Identity card of the police as well as at other necessary places where the Commission decides;
- 3) Any police member shall wear a badge describing his duties;



- 4) Akaakuu fi itti fayyadamni haalluu asxaa fi baajii Qajeelfama bahuun kan murtaa’u ta’a.
- 37. Waraqaa Eenyummaa Qabaachuu**
- 1) Miseensi kamiyyuu lakkoofsa ittiin beekamtii fi waraqaa eenyummaa Komishinichaan kennamuuf ni qabaata.
- 2) Lakkoofsi ittiin beekamtii miseensi kamiyyuu uffannaa seeraa uffatu irratti laphee isaa karaa bitaa haala mul’achuu danda’uun godhachuu qaba.
- 3) Waraqaan eenyummaa poolisii asxaa Komishinichaa, suura miseensichaa, maqaa guutuu, kutaa hojii, sadarkaa hojii, gulantaa, gosa dhiigaa, dheerina, bifa, lakkoofsa ittiin beekamtii, lakkoofsa bilbila miseensichaa fi Komishinichaa qabaachuu qaba.
- 4) Miseensi poolisii kamiyyuu yammuu seera kabachiisu waraqaa eenyummaa isaa agarsiisuu qaba.

**Kutaa Jaha**

**Sa’aatii Hojii Fi Hayyama Adda Addaa**

**38. Sa’aatii Hojii Idilee**

- 1) Tajaajilli Komishinichaa guyyaatti sa’aatii 24:00 torbanitti guyyaa 7 ji’atti guyyaa 30 wagaatti guyyaa 365(6) osoo walii irraa hin cinne ni kennama.
- 2) Miseensi poolisii kamiyyuu sa’aatiiin hojii idilee isaa guyyaatti sa’aatii 8:00 ta’a. Haa ta’u malee haalli dirqisiisaan yoo jiraate sa’aatii dabalataa akka hojjatu ajajamuu ni danda’a.
- 3) Miseensichi sa’aatii dabalataa hojii hojjateef boqqonnaan bakka bu’u ni kennamaaf.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta’ee, Komishinichi gosa hojii murtaa’e irratti miseensa sa’aatii dabalataa hojjateef haalli kaffaltiin ittiin raawwatamu Qajeelfama bahuun kan murtaa’u ta’a.

- ሀ) የኦሮሚያ የባጅ ቀለም አይነትና አጠቃቀም በሚያወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።
- ፴፯. የመታወቂያ ካርድ ማግኘት**
- ሐ) ማንኛውም አባል በኮሚሽኑ የሚሰጠውን መለያ ቁጥርና መታወቂያ ካርድ ይኖረዋል፤
- ከ) የፖሊስ አባል መለያ ቁጥርን በሚለብሰው የደንብ ልብስ ላይ በግልፅ በሚታይ ሁኔታ በግራ በኩል ደረቱ ላይ ማድረግ አለበት፤
- ተ) የፖሊስ አባል መታወቂያ ካርድ የኮሚሽኑን አርማ፣ የአባሉን ፎቶግራፍ፣ ሙሉ ስም፣ የሥራ ክፍል፣ የሥራ ደረጃ፣ ደረጃ፣ የደም ዓይነት፣ ርዝመት፣ መልክ፣ መለያ ቁጥር፣ የአባሉንና የኮሚሽኑን ስልክ ቁጥር መያዝ አለበት፤
- ሀ) ማንኛውም የፖሊስ አባል ሕግን በሚያስከብርበት ጊዜ መታወቂያ ካርዱን ማሳየት አለበት።

**ክፍል ስድስት**

**የሥራ ሰዓትና የተለያዩ ፍቃዶች**

- ፴፰. መደበኛ የሥራ ሰዓት**
- ሐ) የኮሚሽኑ አገልግሎት በቀን 24:00 ሰዓት፣ በሳምንት 7 ቀን፣ በወር 30 ቀንና በአመት 365 ወይም 366 ቀናት ሳይቋረጥ ይሰጣል፤
- ከ) ማንኛውም የፖሊስ አባል መደበኛ የሥራ ሰዓቱ በቀን 8:00 ሰዓት ይሆናል፤ ይሁን እንጂ አስገዳጅ ሁኔታ ካለ ተጨማሪ ሰዓት እንዲሠራ ሊታዘዝ ይችላል፤
- ተ) ለተጨማሪ ሰዓት ለሠራው ሥራ የሚተካ ዕረፍት ይሠጠዋል፤
- ሀ) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፫ ሥር የተደነገገው እንዳለ ሆኖ፣ ኮሚሽኑ በተወሰነ የሥራ ዓይነት ላይ ተጨማሪ ሰዓት ለሠራ አባል ክፍያ የሚፈጸምበት ሁኔታ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

- 4) Type of uniform, period of distribution and condition of the uniform shall be decided by the directive to be issued.

**37. Having Identity Card**

- 1) Any police member shall have identification number and Identity card given to him by the Commission;
- 2) Any police member shall wear the identification number on his left chest in a way that can be easily visible;
- 3) The identity card of the police shall bear emblem of the commission, photograph of the member, full name, working section, work level, Grade, blood type, height, color, identification number and phone number of the member and Commission;
- 4) Any police officer shall show his identity card where he is on duty of protecting the law.

**Part Six**

**Working Hours and Various Leaves**

**38. Regular Working Hours**

- 1) The service of the Commission shall be delivered 24 hours a day 7 days a week 30 days a month and 365 (6) days a year without being interrupted;
- 2) The regular working hours of any police shall be 8 hours a day. However, he may be ordered to work additional hours where there occurs compelling circumstances;
- 3) The member shall be provided with a leave as a substitute for his additional hours he has worked;
- 4) Without prejudice to the provision under sub article 3 of this article, the commission may decide by the directive to be issued about the payments to be paid for the member who work additional hours on some particular types of work.

**39. Hayyama Waggaa**

- 1) Miseensi poolisii waggaa tokko tajaajile hayyama waggaa guyyaa hojii digdama argachuuf mirga ni qaba.
- 2) Miseensi poolisii waggaa tokko ol tajaajile waggaa waggaan guyyaan tokko tokko dabalamee ni kennamaaf. Haa ta'u malee hayyamni waggaa guyyaa hojii soddoma caaluu hin danda'u.
- 3) Miseensi poolisii tajaajila hojii waajjira birootti kenne raawwii keewwata kana keewwata xiqqaa 2 kanaaf kan herregamu ta'a.

**40. Akkaataa Kenna Hayyama Boqonnaa Waggaa**

- 1) Hayyamni boqonnaa waggaa bobba'iinsa humna namaa Komishinichaa bu'uura godhachuu fi hanga danda'ametti fedhii poolisichaa madaaluun kan qophaa'uu fi poolisichi akka beeku karoora Komishinichaa bu'uura godhatee bara baajataa keessatti kennamaaf.
- 2) Miseensi poolisii tokko boqonnaa waggaa yeroo fudhatu mindaa isaa ji'a tokko dursee fudhachuu ni danda'a.
- 3) Miseensi poolisii tokko boqonnaa waggaa yoo gaafate hooganaan dhiyoo yoo itti amane akkasumas haalli hojii kan dirqisisu yoo ta'e hayyamichi qoqqoodamee kennamuufii ni danda'a.
